


Utubaawwan Sirna Gadaa Oromoo (The Pillars of the Oromo Gadaa System)



Barreefamaan kun gurguraaf kan qophaa'ee miti
(This brochure is not for sale)

Namni tokkoo an Oromoo dha ofiin jechuu dura eenyumaa saba Oromoo, seenaa, aadaa, afaan fi amantii sabichaa beekuutuu irraa eegama. Kana beekuuf immoo, wa'ee maalumaa Sirna Gadaa hubachuun barbaachisaa dha. Kanaafuu barreeffamaan kun namoota haajaa Sirna Gadaa Oromoo barachuuf fedha qabaniif burqa mata duree marii akka ta'u irratti yaadamee kan qophaa'ee dha. Mee waan gaarii keessaa argachuu waan dandeessaniif dubbisuuf yaalaa!

Baafata (table of Content)

Fuula/page

1. Seensa.....	3
2. Hiikaa Sirna Gadaa.....	4
3. Dameewwan (Jaarmiyaalee) Sirna Gadaa.....	5
3.1. Sadarkaalee Gadaa (gada grades).....	5
3.2. Paartoota ykn Garee Gadaa (gada teams).....	10
4. Sirnoota fi ayyaana sirana gadaa keessatti aayyaaneeffataman.. ...	13
5. Maallatoo sirna Gadaa fi Waaqeffanaa.....	19
6. Jaarmiyaalee Araaraa fi Meeshalee Ulfaa Gurguuddoo.....	20
7. Gadaan akkamiti hojjata? (caasaa mootummaa sirna gadaa).....	24
8. Hojjaa ciicimoo bulchiinsi gadaa irratti xiyyeefatuu.....	26
9. Abbootii gadaa bara dhibootii 16ffaa keessa duula bilisummaa gaggeesan.....	31
10. Hir'ina heera bulchiinsa Gadaa (shortage in gadaa constitution)....	35
11. Diimokraasawwa Sirna Gadaa	36
12. Maalif Sirn gadaa laafaa deeme?	41
13. Sirni gadaa eessatti, yoom irraa eegalee hojjii calqabe?.....	42
14. Oromiyyaa fi Qabeenya Ishii.....	44
15. Xumuura (Summary).....	46
16. Jibsoo (Glossary).....	48
17. wabii / reference.....	57

1. Seensa

Saboota yeroo dheeraa irraa kaasanii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessa tokko saba oromooti. Heeri fi seeri isaa jireenya uummataa karaa hundaan kan ilaaluu yoo ta’u sabn bilisummaa, nagaa fi tokkummaadhan misoomee wajjin akka jiraatu kan dandeesiisuu ture. Heera fi seera Gadaan ittiin bulchaa ture kana sabni Oromoo orma irraa ergifatee miti. Ofuma isaatiin akkaa aadaa fi fedhii isaati hayyoota (beektoota) isaatiin seera tumataa ture. Kana jechaan bulchiinsa fi aadaa boonsa qaba. Sirni bulchiinsa Gadaa bara akkasii nama abalu, abalu jedhamuun calqabame jechuu nama rakkisa. Gadaan waana nama tokkoon yeroo tokkotti eegalame miti. Gadaan waana irraa-jala yaalii fi muuxanno bara dheeraarraa, walitti kuufamee, guddate dha. Gadaan takka kufaa, takka ka’aa bara hedduu dabarseera. Sirni Gadaa dhiibbaa alagaatiin bara dhibba shanii oliitiin morkee, kibba Oromiyaa naannoo Booranaa, Gujii, Arsii, Ituu-Humbanna, Tuulamaa fi Macca keessa har’ayyuu hanga tokko ni jira. Gaaffiin, sirni Gadaa eessatti, yoom irraa eegalee hojjii calqabe jedhu gara dhumaaratti (boqoonaa 13 keessatti) ibsamuu yaalamee jira.

Burqi barreeffamaa (brochure) kanaa Kitaaboota wa’ee bulchiinsa Sirna Gadaa Oromoo ilaalchisee amma ammaati barreeffaman, akkasumas waan jaarsilee Oromoo adda addaa irraa dhageenye walitti qabuudhani kan qophaa’ee dha. Kaayyoon isaa inni duraa, Oromootni dubbisuudhan akkataa Oromoon dur itti wal bulchaa ture beekumsa bu’uuraa (basic knowledge) argatanii Oromummaan deebi’ee akka dagaaguu hirmaannaa gochuuf. Orma irraa waanti adda nu godhaanu yoo jiraatan, mallattoo eenyumaa sirna bulchiinsa Gadaa keessaa jiranuudha. Isaanis Seenaa, Afaan, Aadaa, Amnataa fi Sirna Bulchiinsaa Oromoo duriitii. Mallattootni kun akka hin badnee, eenyumaan keenya, Oromummaan akka jabaatu, waan darbees barachuu fi barsiisuutu Oromoota hundaa irraa eegama. Jabeenyi Oromomummaa diina of irraa ittisuuf ta’ee mirga ofii kabajeeffachuuf nama gargaara. Kana jechaan Oromoon gara fuuldurraatti addunyaa kana irratti karaa hundaan guddatee kabjamee beekamaa akka ta’u ni taasi’sa.

Kanaafuu miseenson Gamtaa Oromoo (GO e.V.) dhimma kana irratti bal’dhiinaan ida mari’atanii booda, irratti waliigaluudhan calqaba bara 2012 irraa eegalanii guyyoota kora isaanii maraa wa’ee Oromummaa wal barsiisuu irra jiru. Barreeffamaan kunnis barumsuma kanaaf akka ta’u irratti yaadamee kan qophaa’ee dha. Sirni Gadaa waan akka malee guddaa fi iccittii gadi-fagoo of keessaa qabu waan ta’eef barreeffamaa gabaabduu akkanaatiin sirritti ifa gochuun salphaa akka hin taane beekamaa dhaa.

Karaa biraatin gosootni Oromoo yeroo dheeraa irraa eegalee wal irraa fagaatanii jiraataa waan turaniif waanti tokko tokkoo bakka adda addaatti xiqqoo adda addummaa qabaachuu ni malu. Kanas ilaalcha keessa galchuudhan waan dogoggoraa isiniitti fakkaate ykn waantaan wal-faalluu tokkoo yoo isiniitti mul’aatee sirreesuu akka danda’amu, qeeqannoo faayidaa qabbeessa (constructive criticism) ni fudhanna, maalloo nuu kennuu yaala. Egaa beekumsa fi hubannoo seenaa Oromoo bal’dhifachuuf aadaa Kitaaboota dubbiisuu guddifachuun barbaachisaa waan ta’eef, Oromootni hundaa irratti yaaduu qabu.

2. Hiikaa Sirna Gadaa

Gadaan Maaliin?

Gadaa jechuun wana jechaa ykn hima tokkoon ibsamuu miti. Jechi Gadaa jedhu waana hiikaa tokkoo qofaa qabuu miti. Wanna wal- qabataa, hedduu of keessaa qaba. Maalumaa Gadaa hubachuuf akkataa jireenya Oromoo qorachuu nama irra jira. Sirni Gadaa waan hedduu bal'dhaa ta'eef qorannaa saayinsii hawaasaa hammayyaatiifuu waan wal xaxxaa (complex) ta'e of keessaa qaba. Kanaafuu Gadaan jecha hima tokkoon waan ibsamuu miti. Sirn Gadaa hiikaa sadii of keessaa qaba, isaanis:

A. Gadaan Sirna Ittiin Bulmaataa Diimookraatawaa ta'ee

Gadaan Maqaa sirna waliigalaati ittiin bulamuu dha. Jaarmiyaa umrii fi dhalootan ijaarame, sirna diimokraasii uummata Oromootiin uumamee dha. Sirni Gadaa Heera saba Oromoo guutuu, kan Siyaasni, Dinagdee fi Hawassaummaan sabichaa ittiin murteeffamu, kan miseensi sabichaa mirgaa fi dirqama isaa beekke itti walii galu, wabii tokkummaati. Sirni Gadaa Diimookraatawaa ta'uun isaa beektoota Seenaa fi Saayinsii Hawaasaa hedduudhan "ajaa'iba" jedhamee ragaan ba'ameefi dha. Uummanni Oromoo yeroo sirna bulchiinsa Gadaa fi amanti Waaqeffannaatin bulaa ture, rakinni walii galtee fi tokkummaa dhabuu hin ture. Laafinni tokkummaa amma muldha'te, miidhaa (dararama) alagaan geesisaa jiru dheeressuf shoora olaanaa qaba. Tokkummaan eenyummaa ofiif quuqamuu akkasumas xiiqii qabaachudhaan roorroo alagaa jalaa of baasuuf barbaachisaa dha.

B. Gadaan Sadarkaa umrii, qoodaa fi Ittigaafatama adda addaa kan itti Qabatanii dha

Waggaa sadeet sadeetiin sadarkaa tokkoo irraa ka'aniitu bara sadeetama booda sadarkaa kudha tokkoffaa (sadarkaa Gadamooggii/jaarsaa irra) ga'ama. Sadarkaa Gadaa tokko keessa Oromoon tokko bara sadeet tura. Sadarkaa tokkoo yeroo sadarkaa biraatti darban, sirna adda addaatu raawwatama. Sadarkaan calqabaa Dabballee dha, inni xumuraa immoo sadarkaa Gadamooggii ti. Dabballeen fi Gadamooggiiin qooda fudhanaa malee ittigaafatama hin qabanu, dhimmi kun gara duraati bal'dhiinaan ni ibsama. Karaa biraatin hunden jecha Gadaa jedhuu araaraa "**Gaaddissa Odaa**" jalatti dur godhame irraa madde jedhama. Walumaa galatti Gadaan jaarmiyaa umurii fi dhalootaan ijaarame, sirna diimokraasii uummata Oromootii.

C. Gadaan Maqaa Paartilee (Gogessaa) Gadaa ti

Gadaan maqaa garee (paartii), bara sadeet sadeetiin aangoo wal-jijjiiranuu ti. Gareen kun shan, shanan Gadaa Oromoo jedhamu. Maqaan shanan Gadaa kun bakka adda addaatti , adda adduma qaba. Fakk. Maqaan shanan Gadaa Oromoo bardhibbee 16ffaa keessa kan turan Meelbaa, Muudanaa, Kiilolee, Biifolee, Michilee kkf. kan jedhaamanii dha (Minjaala 3, 4 fi Taattoo 1, 2). Bara Gareen kun aangoo itti qabatan maqaa isaanitiin beekamu, fakk. bara Gadaa Meelbaa, bara Gadaa Muudanaa kkf., kun gara duraati baldhinaan ni ibsama.

3. Dameewan Sirna Gadaa

Gadaan akkamitti hojjata ture?

Saba Oromoo Dameewan ykn Birkii (branches) Gadaatiin of ijaareetuu hojjataa ture.

Gadaan gurmaa'ina sirna isaa fi akkataa ittiin hojjatamu duraa boodaan kan wal irraa dhufu, wal qabatee kan jiru damee (branch) guguddoo lamaa irraa madda.

Isaanis: **I. Sadarkaalee Gadaa kudhani tokkoo fi,**
II. Paartilee shanan Gadaa jedhamanii dha.

Dameewan kun adda addaan bahuu kan hin danda'amne bifa lama saantima tokkootti. Kanaa gaditi yaada bu'uuraawaa (fundamental concept) maalumaa fi Jaarmiyoota Gadaa addeessuu (to describe) ni yaalama.

3.1. Sadarkaalee Gadaa (gadaa grades)

Gadaan Sadarkaa umrii, Qoodaa fi Ittigaafatumaa Adda addaa itti qabatanii dha. Ijaarsi Sadarkaalee Gadaa bakka adda addaati maqaa adda addaatiin beekamuu ni mala (Minjaala 1).

Sadarkaa Gadaa	Umrii	Giddu-Galeesa Oromiyyaatti	Booranatti
1	0 - 8	Daa'imman (Dabballee/Gaammee)	Daa'imman (Dabballee)
2	8 - 16	Ittimakkoo	Gaammee Didiqaa
3	16 - 24	Foollee	Gaammee Guguddaa
4	24 - 32	Qondaala	Kuusa
5	32 - 40	Raabaa/Raabaa Doorii	Raabaa/Raabaa Doorii
6	40 - 48	Luba/Gadaa	Gadaa
7	48 - 56	Luba2ffaa	Yuuba1ffaa
8	56 - 64	Luba3ffaa	Yuuba2ffaa
9	64 - 72	Luba4ffaa	Yuuba3ffaa
10	72 - 80	Luba5ffaa	Yuuba4ffaa
11	80 - 88	Gadamoojjii	Gadamoojjii

Minjaala (Table) 1: Maqaa sadarkaalee Gadaa kudhani tokkoo

Akka adeemsa sirna gadaatti Daballeeraa (0-8) ka'amee hanga jaarsumaatti bara sadeet, sadeetiin wal jalaa ol siqaa sadarkaa Gadaa kudha tokkoffaa gahama. Wal jalaa siquun kun maaliif waggootii sadeet, sadeetin ta'e jedhamee yoo gaafatamu, Oromoo uumaa ilaalee akka, seerratu jijjiiramni waggootii sadeet, sadeetiin akka ta'u waaqatu uume jedhama, fakk. namni tokko dhalatee waggaa 8tti ilkaan annanii buqqisee, ilkann soogiddaa biqilcha. Haaluma kanaan sadarkaa tokkoo irraa gara sadarkaa biraati darbuudhan qoodaa fi ittigaafatamummaa biraatu fudhatama jechaadha.

I. Sadarkaa Gadaa Daa'imaani (Dabballee), 0-8

Sadarkaan kun sadarkaa daa'imaatti. Riifeensi mataa mucaa sadarkaa Dabballee hin haadamu (guduruu guddifata) akkasumas maqaa kan argaatu yeroo sadarkaa kana huluuquu. Maqaa manaatin waamama (fakk. Jaldeessoo, Qamalee kkf.). Warri isaanii horii aannanii kan hin qabaane yoo ta'an gosatu annan kennaf. Wa'ee safuu bu'uuraa (basic values / Grundwerte), fakk. gadhee fi gaarii akkasumas firaa fi diina addaan baasuu baratu. Galgala galgala himtee (myth / Märchen), xaba hibboo fi seenaa akaakayuu fi abbaabilee tuu itti himama.

*Gogeesa (Paartii) guyyaa dhalatan, taayitaa irra jiruu (kan abbaa issaanii) keessatti akka miseensatti fudhatamu.

II. Sadarkaa Gadaa Ittimakoo (Gaammee Didiqqaa), 8-16

Mucaa sadarkaa Dabballee irraa rifeensi mataa haadamee, firri waamamee ayyaani guddaan godhamme, kennaan goromsa tokkoo (Gubbisa) ida godhameefii booda gara Sadarkaa Gadaa Ittimakoo tti ce'a. Kana jechaan Hammachiifamee maqaan baafama. Guyyaa hammachiisaa kanaa eegalee maqaa kanaan beekama. Ijooleen Sadarkaa Ittimakoo seenan bara afur booda gaammee haaddatanii, Roggee filatanii, jabii tiksuu, bishaan daakuu, farada gulufuu, sirba sirbuu fi geerarsa geeraru baratu. Hidda saynii yoo xinaate amma mana 11 beekuu qabu. Hojjii tiiksaa, qonnaa fi adamoo, morkii sportii akkasumas warri durbaa hojjii jirbii fo'uu baratu. Wa'ee siyaasa (mirgaa fi dirqamaa, Seeraa) fi hawaasummaa (social education) baratu.

Ayyaana ijoolee ykn guyyaa kabaja ijoolee (ayyaana taaboree), obbolaa fi hiryaa ofii wajjin ayyaaneffatu. Guyyaa taaboree ijooleen bixxillee nyataa, farsoo dhugaa, sirbaa gammachuudhan dabarsu. Yeroo gaammee haadattanu goromsi tokko dhuufaatti ni keenamaaf. Karaa uumatiin waggaa 16tti ijoolen areeda fi guntuta baasu, sagaleen isaanii ni jijjiirama. Haaluma kanaan goodni fi ittigaafatumman isaanis ni jijjiirama jechaadha.

III. Sadarkaa Gadaa Foollee (Gaammee Guguddaa), 16-24

Gaammee Didiqqaan Ukkee ykn Unkee (Initiation ceremony) jala ba'uudhan gara sadarkaa Foolleetti ce'aama. Godoon Ukee ida ijaaramee booda isa keessatti haati gurbichaa waan barbaachisaa ta'an hundaa (fakk. Coqorsa kichuu milla isaa irratti hirreeffachuu, bixxillee sagal caccabsuudhan ittittuu fi aannan itti dhibaasuudhaan) ida qopheesitee booda hiriyooni isaa bakka argamanitti eebiftee sirni ayyaanaa sirbaan calqabama. Sirbuma kana keessa gurbichi godoo cabsee karaa boroo keessaan baha. Sana booda ijoolleen maaliif godoo keenya keessa bahe jedhanii dhaanuuf itti fiigu. Innis arreedee ykn dhaadachuu dhan (by boasting) harkaa baha, ukee cabsee bahe jedhama. Ijoollummaa keessaa bahe jechuu dha. Ciisa ijoolleetii baheetu mana jala buluu eegala. Ayyaani ukee kun yeroo gannaa rawwatama. Namni ukkee bahe birraa masqalarratti Giifatoo sirbee horii fudhata. Achumaan Foollee sirbuu itti fufa.

Dardaroonni sadarkaa Gadaa Foollee keessa jiran adamoo adamsuu (bineensi akka horii hin nyaane ittisuu) akkasumas barumsa waraanaa fi sportii kkf. baratu, biyya irra deemudhaan sirbaa, foolisaa sabaan wal baruu.

Yeroo buttaan qalamu foolleetu korma kuffisee qaba. Cinaacha korma buttaa akkuma jirutti foolleetu fudhata. Foolleen foon buttaa akka leencaattii wal harkatti ciree nyaata. Yoo sirni buttaa jalate (seera irraa gore) foolleen

korma hin kuffisu, foonis hin nyaadhu jechuuf mirga qaba (fakk. namichi buttaa qaluu fedhe nama seera cabsee yoo ta'e). Foollee malee immoo buttaan hin qalamu. Foolleen seera malee nama hin sodaatu, waan jedhuu fedhe, saalfii tokko malee sirbaan ibsa. Foollisaa, yoo fedhe abbaa Gadaa ni faarsa (seera tolchuu irrati jabaa yoo ta'e) ykn ni abaara (seera yoo cabse). Dhiisi jedhama malee hin adabamu. Foolleen akka gaazexeessaa bilisaatti fudhatamu.

Sadarkaa Gadaa Foollee keessati dargagoon siritti biyyas walis baru (Hiriyumaa dhan wajjin deemu). Booranatti, calqabaaf koree hayyuu hiriya jedhamu namoota jaha kan of keessaa qabu ofuma isaanitii filatu. Akkuma Sadarkaa Gadaa Ittimakkootii Foolee gidduutis walmorkiin jiru kanuma qaamaa (spoorti fi dandeetti adamoo kkf.) qofaadha. Yeroo isaanii isa irra caalaa waan wajjin dabarsaniif sirriiti wal beeku. Dur Foolleen yeroo ajjeesu hin gaafatamu, du'us gumaa seeraan hin qabu jedhama. Waggaa 24tti hojjaadhan (qaaman) dheerachuuni ni raawwata. Haaluma kanaan goodni fi ittigaafatumman isaanis ni jijjirama jechaadha.

IV. Sadarka Gadaa Qondaala (Kuusaa), 24-32

Dursee galmi (masari) guddaan gosa gosatti ida ijaaramee booda hayyoota (koree) Gadaa sadarkaa kanaa hoogganuutu filatama. Alaabaa mallattoo Kuusaa (diimaa adii) kan ta'e ida dhaabatanii booda sirba Xunnee (kan umurii isaanii) fi sirba ce'umsaa Mokkee jedhamu sirbu. Abbootiin ijoolee kanaa (sadarkaa Gadaa Yuuba 3ffaa keessa kan jiranu), bakka faajjiin isaanii itti dhabate irraa calqabuudhan sirba Mokkeetiin haadha manaa ofii (haadha ijoolee kuusaa) faarsaa gara bosonaa deemanii damee muka Mi'eessaa kan baala qabu muratanii qabatanii deebi'u. Baala mi'eesaa karraatii suuqu. Haadhootiin immoo bishaan aannaniin makaniin gabatee guutuu dhiyyeesu. Abbootiin ijoolee bishaan aannanii kanaan rifeensa mataa ijoolee ofii laaffisanii irraa ida haadanii booda morma irraati callee godhuuf. Kanati aansee saan eelmamtu tokko jabbii ishii waliin badhaasa kan godhameef fudhatee hiriyyoota ofii wajjin torban lamaaf bakka tokkooti ulma galu. Haadhootni isaanii achitti Galaa (provision) aannan fiduuf. Garuu ijoolleedhaan wal hin arganu. Galaa yeroo kennanu maqaa ilma ofii otoo hin tain maqaa gosaa ofiiti waamuu. Torban lama booda wayyaa (huccuu) aadaa ufatanii Liichoo bokkuu xiqqoon itti hidhamee qabatanii galama ulmaa keessaa bahu. Horii badhaasaan fudhatan sana horii warra ofiitti dabalatu. Kana booda ulmaa bahe jedhama. Ayyaani kun boorana keessati Ayyaana Godiyyaa jedhama. Jarreen kun Foollee sirbaa horii sanbi kennuuf qalachaa nyaachaa, bineensaa fi diina adamsaa bara saddeetif wal-faana turu.

Filmaata Hayyuu Aduulaa fi Morkattoota (The candidates)

Sadarkaan morkiin itti calqabu Sadarkaa Kuusaa keessatti ta'a. Wareen filataman Boorana keessatti Hayyuu Aduulaa jedhamu. Hayyuu aduulaa jechuun koree Gadaa kuusaa keessaa filatamee ammumaa eegalee fuulduratti Gadaa hoogganuudhaf of mijeessu dha. Booranatti gareen kun koree namoota jahaa of keessaa qabu, gosoota Sabboo fi Goona keessaa kan filamanii dha.

Filmaata kana akka injifatu waan danda'e hundaan abbaan ilma isaa ni gargaara. Ilma isaa bakka bu' uudhan saba amansiisuuf waan danda'u hundaa ni godha. Filuuf (to elect) kan mirga qabu Paartii (gogeesa) Gadaa sanaa (kan Sadarkaa Kuusaa fi Yuuba 3ffaa keessa jiranu) ta'u malee,

filannoo irratti sabni ni argama. Warri morkii kana irratti injiiffatan waggootii 21 booda tayyitaa qabachuudhan biyya bulchuu.

Ulaagaalee (criteria) hedduu ilaalaman keessa

- Dandeetii gurbichi hiriya isaa biratti qabu (caalee argamuu isaa),
- Abbootin, akkaakilee fi abbaabileen isaa qabxii qabxiin qoratamanii warra seenaa fi gootumaa gaarii qaban ta'uu,
- Obsa qabaacuu, Arjaa fi nama Araaraa ta'uu,
- Seera, Seenaa, Aadaa fi Amantii waaqeffanaa sirriti beekuu,
- Dandeettii dubbatanii amansiisuu qabaachuu,
- Naamusa qabaachudhaan, nama yakka hin dalagne qulquluu fi nama Safuu eeguu ta'uu,
- Qaama fi qalbiin fayyaaleesa ta'uu,
- Amantii Waaqeeffanaa qabaachuu,
- Wal morkii sadarkaa Gadaa isaan duraa keessatti, fakk. spoortii kan akka fiiguu, utaalchoo, gugisii faradaa, qallee dhahachuu, giingoo (korboo) waraanuu fi bishaan daakuu kkf. sirriiti danda'ee kan darbe ta'uu isa irra jira.

Booranatti filmaanni Hayyuu Aduulaa dhimma wanna hundaa caalaa waan ta'eef guddaa itti yaadameet fiixan baha.

Adeemsa Filmaata Hayyuu Aduulaa

Darggagoon (dardari) baatii sadiif walqabatanii biyyarra adeemanii Qachaa ykn Araddaa-ya'aa qabatu. Sabaa fi biyyaa sirriiti baratu. Gosni keessa qubatan dhangaa ni dhiyeesaf, horiinis ni qalamaaf. Yaiin kun ya'a kuusaa jedhama.

Waggaa 32tti ilkaan namaa 32 taha, haaluma kanaan qoodni fi ittigaafatumman isaanis ni jijjirama jechaadha.

V. Sadarka Gadaa Raabaa/Raabaa Doorii, 32-40 (+ waggaa 5)

Ce'umsi sadarkaa Gadaa Kuusaa iraa gara sadarkaa Gadaa Raabaatti godhamu hangas sirna guddaa hin qabu. Hayyoonni warri sadarkaa Gadaa kuusaa keessatti filataman kan du'anii fi kan dadhaboo ta'an bakka buufatamu malee akkuma jiruti itti-fufuu. Warri sadarkaa Raabaa hoogganan kun Aduulaa Raabaa jedhamuudhan beekamu. Ittigaaffatumaan isaanii ini duraa waraana hoogganuu yoo ta'u yeroo nagaa immoo aadaa, seeraa fi Seenaa adda addaa baratu. Torban tokkoof jaarsolii isaan gorsan (barsiisan) wajjin ardaa-jilaatti ulma galu. Yeroo kana nama biraa waliin dubbachuun dhoowadha. Yeroo ulmaa fixanii bahan hiriyyoon isaansii damee muka daannisaa badhaasudhaan sirbaa siimatu. Isaanis kanaaf galata galfachaa daanisa sana irra dhaabatanii waliin sirbaa sirnichi xumuura. Sadarkaa Raabaa keessatti niitii fuudhuu fi qabeenya dhuunfaa godhachuu nama irra eegama. Miseensi Aduulaa Raabaa ta'e tokkoo fuudhuu akkasumas qabeenya dhabee yoo dhabe horii shan kan kottee afuriin adeemu qabaachuu isaan irra jira. Kana guutuu baanan umrii isaa guutuu Raabaa ta'eet hafa (Gadoomuu hin danda'u jechaadha). Namni akkanaa Qolee ykn Cufattee jedhama. Cufateen nama waan waamuu fi waan yaasu hin qabaanee dha. Cufateen hin gadoomu malee waan yakka miti (namn ofii ta'uu dadhabe biyyaafis hin ta'u jedhameetti). Sadarkan Gadaa Raabaa waggoota sadeet idda xumuurre booda Raabaa Doorii jedhama. Warra hayyuu fi Abbootii Gadaa aangoo irra jiran irraa sirriiti muuxannoo argachuu

akka danda'anu walumatti waggoota 13 sadarkaa Raabaa fi Raabaa Doorii keessa turu. Sana booda ni Gadoomu (Taattoo 5).

Waggaa 40tti namni tokkoo waan hundaanuu ni bilchaata (muuxxannoo fi beekumsa gahaa ni argata), kanaafuu biyya bulchuu fi ittigaafatuma fudhachuu ni danda'a jedheeti Oromoon amana.

VI. Sadarkaa Gadoomaa (Gadaa / Luba ta'uu), 40-48

Sadarkaa hoogganaa siyaasaa fi Amantii itt ta'amu (The stage of political and ritual leadership). Sadarkaan kun sirna bulchiinsa Gadaa keessatti sadarkaa murteessaa dha. Warri aangoo qabachuuf carraa qaban warra sadarkaa kuusaa, Raabaa fi Raabaa Doorii keessatti dandeetii adda addaa agarsiisudhaan morkii hedduu keessa injifannoon darban ta'u.

Ulaagalee (criterias) Filannoo:

- Dandeetti akkataa iti haasaa'nuu qabaachuu,
- Seenaa hawaasichaa durii, seera fi heera sirna Gadaa, aadaa fi amantii Waageffanaa sirriti kan beekuuf itti amanu ta'uu,
- Gootumaa waraanaa (lola irratti) qabaachuu, dandeetii nagaa fi tasgabii biyyaa eegsisuu qabaachuu,
- Bara aangoo Gadaa isaati paartii isaa keessati uumata bulchuu kan dandeesisu muuxannoo fi dandeetti qabaachuu,
- Jireenya uummataa fooyyeessuu danda'uu akkasumas ofiifis farda dabalatee horii luka afuriin deeman gahaa (yoo xinaate 5) qabaachuu,
- Fuudhe kan maatii qabu ta'uu
- Amanamaa fi nama imaanaa (adaraa) fi iccitii eeguu danda'u, yakka nama hojjatee hin beekne (qulqulluu) akkasumas Safuu kan hin cabsine ta'uu.

Maqaa Hayyoota Sadarkalee adda addaa Boorana keessatti argaman:

Kan Gadaa Kuusaa: Hiriyyaa ykn Aduula Kuusaa

Kan Gadaa Raabaa: Aduulaa Raabaa

Kan Gadaa aangoo irra jiruu: Arbooraa jedhamu

VII-X. Sadarkaalee Yuuba 1ffaa amma 4ffaa jiranu

Jareen kuna warra umurii 48 amma 80 keessa jiranuudha. Yuubni warra aangoo gadi dhiisee sadarkaa adda addaa keessa jiru. Ittigaafatumaan isaanis, keessatuu yuubni 1ffaan akka gorsituu, seera hiiktuu fi seera murtuu ta'uun hojjata. Yuubni 4ffaan (Booranatti) immoo sadarkaa Raabaa Doorii (ijoolee ofii) wajjin seera tumuu irratti qooda qabu. Akkasumas ijooleen isaanii dorgommii (morkii) irratti injifatanii akka filatman ni gargaaru. Kana malees yuubni gosaa keessatti wa'ee araaraa fi misoomaa ilaalchisee tajaajjila guddaa biyyaaf kenna. Seeri, aadaani fi safuun akka hin badne kan to'aatu yuuba sadarkaa adda addaa keessa jiranu. Tuulama keessati Yuubni warra Ayyaantuu (Qaalluu) wajjin iccitiidhan miseensota Gadaa filanii sabatti dhiyesu. Tuulamni jaarsolee kana Guula jedheetti waama.

XI. Sadarkaa Gadamojjii (very old) fi Ittigaafatuma isaa, 80-88

Namni sadarkaa Gadamojjii seenu umuriin isaa waggaa saddeetama tahee, nama sadarkaa gadaa darban kurdhanuu seeran huluuqe tahuu qaba. Ijoolen jara kanaa aangoo qabatanii biyyaa bulchaa kan jiranu. Umurii

isaanii keessatti yeroo sadiif Gadaa ofii aangoo irrattii arguu warra danda'an jechuudha, kana jechaan,

1. Bara dhalatan, sadarka Daballee (umurii 0 amma 8) keessa yeroo turan ykn bara abbootiin isaanii biyya bulchaa turan,
2. Waggoota 40 booda, ofii isaanitii yeroo Abbootii Gadaa ta'an (aangoo qabatani),
3. Waggoota 80 booda yeroo ijooleen isaanii aangoo fudhatanii biyya bulchaa turan, Paartiin keessa jiranu, fakk. Meelbaan ala sadaffaaf naanna'ee yeroo dhufu jechaadha (Taattoo 5). Ce'umsa irratti sirni godhamu ni jira, sirni kun sirna Qumbii wal irraa fudhachuu jedhama, sirna ce'uumsaa ti. Sirna kana irratti xinnaa guddaa otoo hin jedhamin sabni hundaa argamuu ni danda'a. Seenan gootota kanaa ni himama, warri biyyaa waan jabaa hojjatan akka gootaati ni faarfamuu, ni kabajamuu, isaanis ni dhaadatu. Sana booda amma lubuun jiranutti ittigaafatumaa hin qabanu, sabn jara kana amma lubbuun jiranutti ni kunuunsa, ni qananiinsa.

Dhaloota fi Paartilee dhaan uummata Oromoo ijaaruun maalif barbaachise?

Uummata Oromoo umurii fi dhalootaan ijaaruu waanti barbaachiiseef, aangoo fi hojjaa misoomaa irratti qooda fudhachuu fi mirga Oromoota hundaa eegsisuuf (fairly to keep the right of power & job distribution across generation and age groups) irratti yaadameeti. Haala kanaan ijooleenis ijaaramuun isaanii dafanii akka of danda'an (self-reliant) jedhamee akka ta'e ni tilmaamama.

3.2 Paatrtoota ykn Garee Gadaa (gada team)

Dameen Sirna Gadaa inni lamataa Paatrilee ykn Garee Gadaa kan jedhamanuu dha. Paartii jechuun Maqaa namooni sadakaa Gadaa (gada grades) adda addaa keessa jiran garuu immoo maqaa Paartii tokkootti waamamani dha. Dhalootni Oromoo kam iyyuu, guyyaa itti dhalatee eegalee Paartiilee shanan Gadaatin haamatama. Duraan dursee kan inni hammatamu, shanan Gadaa keessaa miseensa isa gaafa dhalatu aangoo irra jiruudha (paartii Gadaa abbaa isaa keessatti jechaadha).

Gadaan Paartilee dhan galmaa'ee ture. Paartiileen bara sadeet sadeetiin aangoo wal-jijiiruu ti (wal jalaa siqaa deemuu ti). Paartiileen kun shan. Shanan Gadaa Oromoo jedhamu. Shanan Gadaa Oromoo bakka (naannoo) hedduutti maqaa adda addaatiin beekamuu mala (Minjaala 2).

Paartii yeroo jedhamu, gurmaa'ina diinagdee, hiyyeesaa fi dureessa kan jedhu utuu hin tain, tartiiba (sequence/order) dhaloota angafaa fi quxisuu irratti kan huudeeffamuu mirga walqixxummaa hawaasichaatii. Dhalli Oromoo tokkoo guyyaa itti dhalate eegalee hanga umurii waggaa sadeetamaatti (age of 80), miseensa Paartii Gadaa tokkoo ta'ee jiraata.

Boorana	Macca-Tulama	Arsi	Gujjii	Ituu-Humbanna
Meelba / Harmufaa	Birmajii	Birmajii	Harmuf	Horata
Muudana / Roobalee	Michilee / Muudana	Roobalee	Roobalee	Dibbaaqa
Kiilolee / Birmajii	Duuloo / Halchiisa	Bahara	Muudana	Dibbeessa
Biifolee / Muldhata	Meelbaa / Hambissaa	Horata	Halchiisa	Fadata
Michilee / Duuloo	Roobalee	Bultuma	Alana	Daraara

Minjaala (Table) 2: Maqaa Paartilee (Garee) Gadaa gosoota adda addaa (kan Gosa Booranaa warra jaarraa 16ffaa ti)

Fakk. namni bara Meelbaa aangoo qabate dhalate miseensa Meelbaa ta'ee amma Sadarkaa Gadamoojiitti (waggootii 80) achuma keessa tura. Fakk. Waarioo Roobaa Sadarkaa Gadaa Kuusaa (umurii 24-32) keessa jira. Abbaan isaa Roobaan immoo Sadarkaa Gadaa Yuuba 3^{ffaa} (umurii 56-64) keessa jira. Garuu lamaanuu barri Gadaa isaanii immoo bara Gadaa Meelbaa jedhama. Kanaaf abbaa fi ilmi gogeessa (paartii) tokko keessa jiru jechaa dha. Karaa biraatin immoo Sadarkaa Gadaa tokko keessa waggootii 8 qofaa turu (Minjaala 3 & 4 fi Taattoo 5).

Paartiin tokko yeroo aangoo irra ture misooma ykn tasgabii fi nageenya fiduu yoo dadhabe gara fuula duraati maqaan isaa jijjiiramuu ni mala. Sabni Oromoo waggaa sadeet sadeetiin (8) aangoo irra turanii kan wal irraa fudhatan, waggaa afurtama afurtamaan (marsaa tokko) immoo yeroo tokko aangoo kan qabatan Paartiilee Gadaa shan (5), gosoota Oromoo hundaa keessati ni qabu ture (Minjaala 3, 4 akkasumas Taattoo 1 fi 2). Fakk., Paartiileen shanan Gadaa Jaarraa 16ffaa keessa bara aanogoo waliti dabarsaa, qabsoo bilisummaa saba Oromoo yeroo hoogganan turan sanaa, waggootii sadeet sadeetitti aangoo waliiti dabarsaa akka turan ni beekama.

Paartiileen Gadaa bakka lamati qoodamu


Isaanis: Paartiilee Gadaa Abbootii fi Paartiileen Gadaa Ijoollee ti. Dur Paartiileen shan (kan Abbootii) waggootii sadeet sadeetitti aangoo qabatanii bari 40 ida dabarsanii booda ijoolleen isaanii maqaa paartii jijjiirudhaan (Taattoo 1 f 2) biyya bulchaa turan, fakk. kan bara 1522 amma bara 1606 jechaa dha.

Umurii	Sadarkaa Gadaa	Maqaa Paartilee Gadaa				
		Meelbaa	Muudana	kiilolee	Biifolee	Michile
80-88	Gadamoojjii	Gada-moojjii				
72-80	Yuuba 4ffaa		Yuuba 4ffaa			
64-72	Yuuba 3ffaa			Yuuba 3ffaa		
56-64	Yuuba 2ffaa				Yuuba 2ffaa	
48-56	Yuuba 1ffaa					Yuuba 1ffaa
40-48	Gadaa/Luba (Gadoomaa)	Gadaa (Luba)				
32-40	Raabaa/Raaba Doorii		Raaba R. Doorii			
24-32	Kuusaa (Qondaala)			Kuusaa (Qondaala)		
16-24	Foollee (Gammee gugurda)				Gammee gugurda (Foollee)	
8-16	Ittimakkoo (Gammee didiqa)					Ittimakkoo (Gammee didiqa)
0-8	Dabalee (Daa'iman)	Dabalee (Daa'iman)				
Bara aangoo itti qabatan		1522-1530				

Umurii	Sadarkaa Gadaa	Maqaa Paartilee Gadaa				
		Meelbaa	Muudana	kiilolee	Biifolee	Michile
80-88	Gadamoojjii		Gada-moojjii			
72-80	Yuuba 4ffaa			Yuuba 4ffaa		
64-72	Yuuba 3ffaa				Yuuba 3ffaa	
56-64	Yuuba 2ffaa					Yuuba 2ffaa
48-56	Yuuba 1ffaa	Yuuba 1ffaa				
40-48	Gadoomaa (Luba/Gadaa)		Gadaa (Luba)			
32-40	Raabaa/Raaba Doorii			Raaba R. Doorii		
24-32	kuusaa/ Qondaala				Kuusaa (Qondaala)	
16-24	Gammee gugurda (Foollee)					Gammee gugurda (Foollee)
8-16	Gammee didiqa (Ittimakkoo)	Gammee didiqa				
0-8	Dabalee (Daa'iman)		Dabalee (Daa'iman)			
Bara aangoo itti qabatan		1530-1538				


Minjaala (Table) 3 & 4: Maqaa sadarkalee fi paartilee Gadaa

Uummaatni Oromoo bara jaarraa 16ffaa keessa gitoota (paartilee) Gadaa shanan kanaan hoogganamee kallatti hundaan jiruu fi jireenya isaa balleesuuf kan itti dhufan human weerartoota biyya keessaa fi alaa of irraa ittisuu danda'aniiru, Taattoo 1 fi 2 maqaa Paartilee, bara aangoo qabatan akkasumas Marsaa (cycle) waggootii 40 ti ala tokko godhamu mul'dhissa.



Taattoo 1: Maqaa Gadaa Abbootii fi bara Gadooman

Waggootii 40 booda (**marsaa 2ffaa**) immoo ijoolen isaanii maqaa Paartii isaani jijjiiruu dhaan akka kanaa gadiitti itti fufaa turan.



Taattoo 2: Maqaa Gadaa Ijoollee fi bara Gadooman

4. Sirnoota fi Ayyaana sirana Gadaa keessatti ayyaaneeffataman

4.1. Ayyaana baalii (ayyaana aangoo walitti dabarsuu)

Sirni Baalii waliitti dabarsuu Oromoo gosoota adda addaa birratti addaduumaa xiqoo qabaachuu ni mala, fakk. kan Oromoo Tuuamaa fi Booranaa haa ilaalu.

Akkataa Oromoon Tuulamaa Baalii waliitti dabarsu

A. Sirna Qachaatti godhamu (yeroo buttaa qaluun itti calqabamu)

Buttaan kan qalamu walgayii qachaa (galma sirni itti godhamu) keessatti Abbaan Gadaa gosaa, warri hangafaa guyyaa qalma itti calqaban, dhumaa jaarraa isaanii (waggooti sadeet aangoo irra ida turanii booda) kan ta'u. Qachi (hall) gosa irraa calqabee hanga manaa fi balbalaatti akkuma hangafaa fi quxusuutti tarreedhan ijaarama. Keessa isaatti miseensota sadarkaa Gadaa adda addaaf akka ta'utti kutaa (rooms) xixiqqaatti qoodama. Sana booda miseensoni Sadarkaa Gadaa Doorii irraa kan hafe

hundinuu qachatti bakka isaani qophaa'eetti argamuu. Abbaan Gadaa gosaa bakkati mul'dhachuudhan dhaadataa dhufee al-shan qachaatti naannawee iddoo tokkoon cabsee seena. Kana booda Seera Abbootiin Gadaa kan isa dura turan labsanii itti kennan, sirrtti hojjaa irra oolchuun isaa, akkasumas Seeri hooggana isaatiin tumamee labsame, xiinxaalamee, Abbaa Seeraa (miseensa Yuuba 1ffaa) ttin ida madaalamee booda atoomsa argata. Kana booda, gammachuu kana irraan kan ka'e Abbootin Gadaa aangoo irra jiran hundi isaani gara mana ofiitti deebi'uudhan korma tokko tokko mata mataan ijoolee dhiiraa qabaniif qalu. Harka mirgaa korma qalamee irraa meedhacha (ring) baasuu dhaan harkati hiidhatu, "dirqama keenya baane jechuudhaa". Sirna dhibaayyuu, nyaata fi dhugaatti booda, faarsa fi weedduudhaan miseensotaan akka madaalamanu taasifamaa. Abbaan Gadaa aangoo irra ture ida dhaadatee, eebbisee booda jaarraa isaa fixaachuu isaa gammachuu dhan ibsa. Miseensoni sadarkaa adda addaa keessa jiranus gara itti aanutti ce'u, fakk. Foolleen gara Kuusaatti, Kuusan gara Raabaatti kkf.. Miseensoni sadarkaa Luba irra turan aangoo gaddhiisanii Yuuba 1ffaa ykn Luba 2ffaa ta'u jechaadha. Seeri, Abbaa Gadaa aangoo irra tureen tumamee labsame Gadaa itti aanuuti (Raabaa Doorii) kennama.

B. Sirna Manaa fi Araddaa ya'aatti godhamu

Bifti lammaffaan baalii waliiti dabarsuu tuulamaa immoo, manaa fi Araddaa ya'aa Abbootii Gadaatii buttaa qaluudhan kan raawwatamu. Sirni buttaa qaluu kun dhaqna qabaa waliin kan wal-qabatuudha. Ayyaani buttaa qaluu kun guyyoota 15 caalaaf kan itti fufiinsaan gageeffamu yoo ta'u, guyyoota duraaf Abbaan Gadaa jaarraa marti iddoo jiranuitti baatii (ji'a) Eblaa qabee hanga Waxabajjii bultii 12 tii guyyoota isaanii tolu (ji'a Caamsaa osoo itti hin dabaliin) buttaa qaluudhan nyaachisaa ayyaaneefatu.

Guyyaa buttaan qalamu sana Abbaan Gadaa tokko haadha manaa isaa, jaarsa guulaa (duloomaaa) fi jaartii cifiiree qabate taliila (bishaan) waraabbachuuf gara malkaa bu'u. Yeroo kana "Gabbisayyoo" taphachaa deemu. Kana booda gara manaatti deebi'uu dhan Abbaan Gadaa qaama saala isaa irraa fixee isaa kutuudhan qulquleefata. Abbaan Gadaa kun kana booda dirqama sadarkaa qaraa amma fixatee jechaadha. Seera tume miseensa haaratti kennee ofii gara Yuubaatti ce'a. Guyyaa kana korma qalee namoota gammachuu kanaaf dhufan gara guyyootii 15 ni nyaachisa, obaasa. Yeroo buttaan qalamu sirna isaa kan to'atuu fi gargaarsa godhu miseensota sadarkaa Foolleetti. Namichi buttaa qaluu fedhe nama Seera cabsee argame yoo ta'e, akka buttaa qalee meedhacha hin hidhanne, Foolleen dhoorkuu ni danda'a.

Akkataa Oromoon Booranaa Baalii waliitti dabarsu

Aangoo walitti dabarsuun adeemsa Sirna Baallii irraa calqaba. Miseensota Raabaa Doorii keessa kan hir'dhate ilaalameetu itti guutama. Oromoo biratti aangoo of harka tursiisuun akka fafaatti ilaalama (baalii of harka tursiisuu ni hooddataa). Akka aadaa gadaa Booranaatti gareen lamaan (inni fudhatuu fi inni baallii kennu) yaa'a ofii waliin bakka warri ayyaantuu (qaalluu) filanitti walitti dhiyeessanii buufata galmaa ijaaratu. Sana booda abbaan Gadaa inni baallii fudhatu Raabaa waliin, baallee guchii barbaadee, ittiin jifaarata. Galma Abbaa gadaas Baallee guchii fi waan adda addaatiin boxxolanii bareechu. Abbaan Gadaa Raabaa sadanuu ni jifaaratu. Ta'us jifaarri Abbaa Gadaa fixee addaan beekama (Jifaari adda isaa kan akka biraatti). Kana

booda gareen Raabaa (jareen baallii fudhatan) Abbaa Bookkuu ofiitin hoogganamuudhan xurumbaa sagalee addaa qabu (magalada jedhamu), kan sirna kana qofaaf afuufamu, afuufaa sirbaa, gara ganda abbaa Gadaa aangoorra jiruu dhaqu. Yeroo Raabni baallii fudhachuuf bobbaa’u namnis saanis karaa irraa goruudhan dhokatu. Yoookan hanga sirni baallii raawatuutti namnis saanis manaa hin bahanu. Sababni isaas, “Raabaa baalliif deemu qaxxaamuruun ofkaltii hin qabu” jedhamee waan irratti amanamuufi. Yeroo gara ganda Abbaa Gadaati dhiidhaatan namootni 42 ta’an (warra torban baallii jedhaman) Abbaa Bookkuu Raabatiin hoogganamuudhan gara galma Abbaa Gadaati (gara isa aangoo kennutti) ergamu. Abbaan Gadaa torban baallii kabajeetuu simee fudhata. Waana guutamuu qabu erga raawwatanii booda, Raabni akka dhiyaatu iti himamaa. Abbaan Gadaa inni haaraa, Raabaa ofii waliin balbala galma Abbaa Gadaatti dhiyaatee, yeroo sadii: Baalliin kiyya moo teeti!, baalliin kiyya moo teeti!, baalliin kiyya moo teeti! Jedha. Yeroo sadaffaaratti Abbaan Gadaa “Baalliin teeti! Gaariin tiyya” jedha. Inni fudhatu immoo “umuriin raagii gaarii jiraadhu” jedheetuu ol seena. Abbaan Gadaa kabajaan simateetu Barchuma haaraa irra teechisee kallacha adda ofii irraa baasee adda isa aangoo fudhatuutti hidha. Maxxarii of-irraa baasee kennaaf. Soddom buuranii mormatti, irboora arbaa iree irratti hidha, qoloo itti uwwisa. Wanna adda addaa dabaltee itti jifaara. Kana booda Raabni Abbaa Gadaa waliin dhufe aannan dhugee, foon nyaatee, qumbii fi daraaraan itti biifamee, eebbifamee gadooma (Baalii ykn aangoo fudhate jechaadha). Abbaan Gadaa inni baalii kennu erga jifaaree, nyaachisee, obaasee, eebbisee booda sangaa fardaa fe’amee fi korma Golondii badhaasa. Morma farda Abbaa Gadaatti kudhaama yabbuu sattawwaa irraa tolfame kaa’ee, wanna adda addaa badhaasee akkasumas ida gorse booda sirnichi eebbaan raawatama.

4.2. Ayyaana Caam-Baatee fi Gorsa

Caam-Baatee jechuun sirna abbaa gadaa duraani fi abbaa gadaan hayyoota dabalatanii haala biyyaa, seenaa darbe fi sagantaa fuulduraaraatti mariyataniin iccittii jiru walitti himanii wal-kaksiisanii dha. Warri haaran bakka adda addaati qoodamanii hayyootan waan hedduu gorfamu akkasumas iccittii hedduu baru. Wanni abbaan gadaa fiixeen qofaa gorfamu lee ni jira. Yeroo kana Gadaan namoota biraa wajjin hin dubbatu. Sirni kun amma guyyoota torba turuu ni mala. Eeba qaalluuttiin xummura.

4.3. Ayyana Gumii / walgayii ykn yaa’a uummataa

Walgayiin uummataa (Gumii Gaayoo) Boorana keessattii eela gaayoo birratti waan godhameef Gumii Gaayoo jedhamee malee dirqamaan gumiin eela gaayyoo bira tahuu qaba jechuu miti. Innis kan godhamu, Gadaan taayitaa irra jiru **“aangoo qabate waggootii afur booda”** kan ta’uu, walgayii guddaa uummataatii.

Ayyaani Gumii, Tuulama keessatti godhamu immoo, miseensi Gadaa tayitaa irra jiru tokko seera tumamee Abbootii Gadaa darbaniin itti kenname, sirritii hojjaa irra oolchuun isaa kan madaalamuu **“aangoo qabate waggaa jahaaffaa irrattii”**. Seera ofii tume immoo kan lasbsuu, aangoo gaddidhiisuuf waggaan tokko yeroo isa hafuu dha. Walumaa galatti sirni kun ayyaana guddaa, murteessaa, kan uummatni Oromoo Gadaa adda addaa fi gosa adda addaa keessa jiran irratti hirmaatanii, dhimma siyaasaa, aadaa, amanti fi diinagdee irratti murtee kennanii dha. Gumiin aangoo hunda caalu qaba. Gumiin waan abbootin gadaa biyyaaf hojjatan ilaalee, irratti dubbatee,

kan dabe sirreese, kan hi'rdhate itti guuta. Wanna gumiin murteese jijjiruf mirga kan qabu hin jiru. Gumii irratti eenyu iyyuu yaada kennuuf mirga qaba (ta'us dhimma dhuunfaa otoo hin tain haala biyyaarratti dubbatama). Gumii duratti waaqaf dhugaa malee wanni sodaatamu hin jiru. Abbootin gadaa ni qeeqamu. Seera cabsanii yoo argaman ni buqa'uu. Kun wanna Oromoon uummata seera namni tumeen qofaa bulu (The rule of law) ta'uu isaa mirkaneessa.

Aangoon uummata Oromoo biratti:

Akka mootummaa sirna Gadaatti aangoon kan uummataati,
Ani ergamaa waaqati jechuudhan hin qabatamuu,
Angoon dhaalaan abbaa irra gara ilamaati hin darbu,
Angoon humnaan hin fudhatamu ture,
Angoon dandeettii fi heeyyama uummataatin qofaa malee hin argamu
(hundee Dimokraasii Oromootti).

4.4. Ayyaana Odaa

Ayyaana seera uummatatti labsuu ti. Wanna gumiin irratti dubbatee, hayyootan akka sirraa'uu godhamee, akka seeratti tumamee tokko Caffeetti uummataaf labsamuu dhaa. Gosa tuulamaa birratti sirni kun ayyaana seera dhangalaasuu jedhama. Seera caffeetti tumame biyyara deemaniitu dhangalaasu. Yeroo Gadaan seera dhangalaasu gaaffii gaafatanii ibsa argachuu ni danda'ama. Tuulamaatti, seeri tumamee biyyatti labsame kun sirna Buttaa irratti Raabaa Doorii kan aangoo fudhatuutti kennama.

4.5. Ayyaana Muudaa (ji'la)

Sirna muudaa jechuun mana warra ayyantuu (qaalluu) dhaqanii gumaata (dilaala) kennani eeba argachuu jechuudha. Gadaan tokkoo aangoo qabatee baroota shan booda ayyaaneffama. Sirni kun dur Oromoota wal irraa fagaatanii jiraatan hedduu Madda Walabuutti walitti fidaa, wal-barsiisaa ture. Fakk. Oromoon lixa, kaaba fi giddugala Oromiyyaa keessaa ka'ee loon oofee, yeroo hedduu karaa bulee irratti argamuudha. Bara Minilik tokkummaa Oromoo jabeessa jedhamee waan sodaatameef seeran dhoorkame.

4.6. Ayyana Irreecha (Thanksgiving day)

Gadaan sirna Dameewwan diinagdee, hawaasummaa, siyaasa fi amantaan Oromoo keessatti of-ijaareedha. Amantaalee aadaa Oromoo keessatti mul'dhatan keessa inni tokkoo irreecha. Hirreecha jechuun sirna kadhaa fi Galata waaqaf godhamuudha. Kadhaa fi Galatni godhamu kunis iddoo fi yeroon kan murtaa'eedha. Kunis amantii keessatti gochaadhan kan ifa ta'udha. Sirna irreechaa kan hoogganu jaarmiyyaa Qalluutti. Irreechi iddoo adda addaatti yoo gaggeeffamellee inni guguddaan bakka lamatti kan raawwatamudha. Isaanis Irreecha Tullu fi kan Malkaatti.

A. Irreecha Tullu

Irreechi kun kan gaggeeffamu Tulluurratti yoo ta'u, yeroon ykn tibbni (season) isaas bonnii darbee roobnin Afraasaa yeroo itti eegamuudha. Baatilleen dursan turan roobni dhabamee hongeen (dry weather) namnii fi horiin kan itti miidhamaa tureedha. Kanaaf giddugala ji'a Bittooteessa (March) maatiin marti gara lafa qabbana fi jiidha qabutti bahanii rooba Afraasa argachuuf waaqa kan itti kadhatanii dha. Tulluutti bahanii

kadhachuun kun kan amantii waaqeeffannaa Kuushoota dur durin walqabateedha jedhama. Tulluun Cuqaala araddaa irreecha isa guddichadha.

B. Irreecha Malkaa

Irreechi Malkaa kan raawwatu tibbni ganna xumuuramee seena baatii Birraa ykn giddugala ji'a Fulbaana (22-25) keessatti. Guyyaan irreechaa "Ayyaana Birraa ykn Xaddacha Saaquu" jedhamuunis ni beekama. Iddoon irreechaa, Malkaa fi Hora guguddoo irratti (Suura 1). Tibba darbe namoonni guutama galaanaatiin addaan citanii turan walarguuf jecha guyyaa kana akka guyyaa gammachuutti fudhatu. Kanaaf Oromoonni Malkaa gamaa fi gamanaa walitti bahanii Mareewoo!... Mareewoo..!" jechaa waaqa kadhachaa, faarfachaa, galateeffachaa gara Malkaa deemu.

Eebba "Abbaa Malkaa fi hangafootaan" godhamu booda marga jidhaa fi Abaaboo birraa qabatanii bishaaniin tuqani waaqa galateeffachaa irreefatuu. Araraa fi wagii (blessing) gaafatuu. Kaayyoon kadhaa kunis Waaqayyoo akka Rooa, Nagaa fi Dhala ykn sanyii isaanii baayyisuu fi Firii argataniidha. Yeroo baayyee Oromoonni bakka qabatanii gara Horaatti loon isaanii wajjin itti godaanu. Kunis akka jalqabaa fi seena hojii bara haaratti (new year) fudhatamaa.

Hori Harsadii iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraa dura itti hirreeffachaa turaniidha. Harsadii maqaa namaa yoo ta'u gosa Liiban keessaa Abbaa Malkaa nama tureedha. Harsadi Abbaa Malkaa ta'uu kan danda'e balaa lubbuu isaa irra ga'e jalaa of baraarsuu (to ensure himself) erga danda'ee booda, guyyoota saddeetif, soomana (fasting) cimaa godhee, muka Birbirsaa jalatti lubbuun kan mul'dhate waan ta'eefii. Birbirsi kan inni itti dhibaafatamuufis yaadannoo fi raajeeffannaa kanaaf akka ta'ee ni himamaa. Kana booda Horii Harsadii akka Malkaa irreessaatti ulfaa ta'ee Oromoota Tuulamaatiin akka kabajamu murtaa'e. Yeroo booda Oromootni marti "Hora Harsadii" akka wiirrtuu Irreenfannaa godhanii itti hirreeffachaa turan. Yeroo ammaa kana waggaa keessatti ala tokko Hora Harsadii irratti ni hirreefatu.

Hora Arsadii

Ayyaanni irreecha kun Oromoon falaasamaa (philosophy) fi ilaalcha addunyaa keessatti jiruufi waaqaa akkasumas raajii isaa, dhalootaa fi iccitii jireenyaan walitti fiduun kan ibsuudha. Sanyiin namaa horee kan baayyatu, kan faca'e du'aa ka'e ija godhatu, atoomsaa fi gargaarsa humna waaqatiin jedhu. Nuti Oromoon waaqa nu uume kadhanna. "Uummamaan Uumaa kadhata" jechuun uummamaan waaqa isaa ni galateeffata, ni faarfata, yeroo ammaa kanas Hora Harsadii irratti kan raawwatamu sirnuma kana.

4.7. Ayyaana Ateetee (Ayyaana Facaasaa)

Ayyaana dubartootaan waggaati al tokko kabajamu. Ayyanni Ateetee Ayyaana sanyii fi hormaata qajeelchitu kabajuuf ayyaaneffamuu dha. Guyyaa ayyaana Ateetee dubartiin uffata addaa kan mata isaa danda'ee, Caaccuu fi Calleen kan jifaarrame uufftee (Suura 2), dhangaa adda ta'e nyaachisuudhan kabaji. Ateeteen yeroo Oromoon dur akka kuushiiti jiraataa ture (waggoota ca. 5500 dura) calqabame jedhameeti tilmaamama.

Guyyaan ayyaanaa kun seera Ateetee qabatee bakka sadiitti hirama,

- Ateetee Furmaa (Ateetee Amajjii)
- Ateetee Hagayyaa (Ateetee Sanyii ykn Midhaanii)
- Ateetee Loonii (Ateetee Sadaasaa)



Suura 1: Oromootni yeroo Hora
Arsadiitti irreefatan



Suura 2: Ateetee haadha
Oromoo

Ateetee Furmaa (Ateetee Amajji)

Ayyaani kun Ji'a Amajjii (January) keessa kan kabajamu, kan dubartiin ijoollee ofii Ateetee naqxee eebbiftuu dha. Haati ijoollee ishiif dhangaa qopheessitee, kan deese hundaa walitti qabdee Ateetee itti naqxee eebbifti. Guyyaa sana hortee haadha mana sanaa kan ta'an hundi tokkollee osoo hin hafin, mana ishiiti wal ga'anii eebba Ateetee fudhatu. Guyyaan kun guyyaa firi itti wal arguu dha (get together).

Ateetee Hagayyaa (Ayyaana Sanyii ykn Midhaanii)

Ayyaani Ateetee kun immoo Gindii hiikoo ykn Ateetee Midhaanii jedhama. Ayyaani kun Ji'a Hagayyaa keessa yeroo qotee-bulaan qonna raawwatee gindii hiikee, midhaan facaase hundatti Ateetee naqee, qotiyyootti addoo (shaashii) mataatti maree eebbisee gad dhiisu dha. Kun mallattoo xumura qonnaati. Sana booda bakka qonnaa hundaarra deemudhaan seeri dhibaayyuu xumuura. Dhuma irratti bakkuma dhibaayyuu sanati gamtaan taa'nii, wanna qabatan, farsoo dhuganii marqaa nyaatanii galu. Walumaagalatti ayyaani kun Ayyaana Sanyii jedhama.

Ateetee Loonii (Ateetee Sadaasaa)

Ayyaani Ateetee kun bakka tokko tokkotti Jaarii Kormaa ykn Gannii Loonii jedhama. Ateetee Loonii ji'a Sadaasaa (November) keessa kabajama. Sirni kun kan ayyaaneffamu dallaan loonii bakka duraa irraa jijjiiramee ida ijaaramee booda mukni birbirsaa (kan kormoomsaa jedhamu) wiirtuu dalaati dhaabudhhanii. Bakki muki itti dhaabate kun sirriti ida jifaaramee booda sirn Ateetee naquu kormoomsaa jalati kabajama. Dallaan loonii guyyaa sana galma misirroo fakkaata. Dubartiin kormoomsaa jalati marqaa marqiti. Sirn dhibaayyuu ida xumuree booda abbaan warraa waan qalmaaf qopheese qala. Dhiiga sana bitaa fi mirga karaa tuqsiisa. Gogaan horii qalamee sun babaqafamee miila fi mataa looniitti ni hidhama ykn ni marama. Kana booda dhangaan qophaa'ee fi foon nyaatamee, farsoon dhugamee sirnichi xumuura.

5. Maallattoo sirna Gadaa fi Waqeffanaa

Bulchiinsa Sirna Gadaa keessati Bokkuu fi Faajjiin ykn Alaabaan (flag) mallattoo aangoo olaanaati. Bokkuun mallattoo mootummaati. Sirna Gadaa keessati iddoo olaanaa kan qabu Abbaa Bokkuuti. Aangoon kun filannoon osoo hin tain dhalootan kan darbaa dhufeedha. Odaa magariisaa (Asxaa) immoo tokkummaa fi Dimokraatawwaa saba Oromoo bakka bu'aa. Innis akkuma Alabaati sirna Gadaa durii irraa madda.

5.1. Alaabaa (flag) Saba Oromoo

Alaaban mallattoo Seera Walaabuu ykn Walaabummaati (mallattoo bilisummaa biyyaa Oromooti). Seera Walabuu jechaan seera dur durii Oromoon tumatee ittiin of bulchaa ture malee isa jaarraa 15ffaa keessa Madda Walabuutti haaromsamee miti. Hawaasni tokko seera tumatee kan ittiin jiraatu yoo walabummaa qabaatee fi eenyumman isaa kabajameedha. Alaaban sirna Gagaa durii halluu (bifa/colour) fi hiikaa ofii qaba, Gurraacha, Diimaa fi Adii tartiibaan kan qabu (Taattoo 3).

Hiikni buufata Guraacha: Ol-aantummaa Waaqatti (Oromoon waaqni guraacha jedheeti amana), hurrin bokkaa qabu guraacha, qaroon ijaa , illi (argituun) guraacha. Guraachi kabajaf angafummaa (seniority), badhaadhumaa fi waan hedduu of keessaa qaba. **Hiikni buufata diimaa:** Ga'anii bilchaatanii, guutanii argamuu fi gootummaadhan mirga lammiitif wareegamuu bakka bu'a. Waanti hedduun yeroo ofii eeggatee gormuu (ripen/reifen) fi ija guutuu isaa agarsiisa.

Hiikni buufata adii: Fixannoo, raawwannoo agarsiisa. Hurriin rooba hin qabne adii dha. Dabbasaan (rifeensi) nama dulloomee harriin adii dha, daaraan adii dha, lafee gogaan adii dha. Kanaaf adii mallattoo raawwinaa ti (fading away). Akkasumas Alaaban Oromoo Asxaa Odaa magariisa fi Urjjii shan of irraa kan qabu ta'uu ni mala.

5.2. Asxaa Saba Oromoo

Odaa magariisaa fi Urjjii shan dha. Hiikni isaanii, Odaan mallattoo araaraa, Dimokraasawwaa fi Tokkumaa saba Oromootii. Urjjiileen shan immoo, wiirtoota Odaa adda addaa (fakk. Odaa Nabee, Odaa Bultum, Odaa Bisil, Odaa Roobaa fi Tulluu Nama Dur) ykn Federationii (naannoo) shanan Oromiyaa bakka bu'uu ni mala.

Maalumaa Odaa

Aadaa fi seenaa Oromoo keessatti Odaan akka madda nagaa fi mallattoo eenyummaa, tokkummaa uummata Oromooti ilaalama. Faayidaa amantii fi siyaasa Oromoo keessatti qaburra kan ka'e Odaan mukoota jiran keessa baay'ee kabajamaa fi eebbifamaa dha. Umuriin isaas haga malee dheeraa dha. Uumamaan lalisaa ta'ee bifti isaa harbuu ykn qilxuu fakkaata. Muki kun yoo caamsaan dheeratelee hin gogu. Kana malee uumamaan lafa jala bakka bishaan ykn jiidhinsi jirutti biqila. Guddinni isaa hanga tokko ol ka'ee dameen isaa waan wagga waggaan dalga dagaaguuf bal'dhatee gaddisa ta'uun namaa fi loonii madda qabbanaati (Suura 3). Gaaddisni Odaa iddoo itti Ayyaanni Muudaa raawwatuu fi miseensonni Gadaa sirna Ayaana ce'umsaa (transitional ceremony) itti sirneefatanuu dha. Galmi Abbaa Muudaa fi teessoon Abbootii Gadaa Odaa jalatti ijaarama.



Suura 3: Muka Odaa, mallattoo araaraa, diimokraasawwaa fi tokkummaa



Taattoo 3: Alaabaa/Faajjii Oromiyaa

6. Jaarmiyaalee Araaraa fi Meeshalee Ulfaa Guguddoo

Jaarmiyaalee sirna Gadaa keessaa muraasni akkataa hawaasni walitti bu'e ykn lubbuu dabarse deeb'i'ee nagaa buusuun waliin jiraachuu akka danda'uuf araara buusu. Jaarmiyaalee kana keessaa isaan guguddoon, Gumaa, Bokkuu, Kallacha, Caaccuu, Siiqqee, warra qaalluu (ayyantuu), Jaarsummaa fi Shanachaa kkf. dha.

6.1. Gumaa

Gumaan sirna gareen lubbuu dabarsee fi warri lubbuun jalaa darbite kan ittiin araaramaniidha. Murteen darbu seera Gumaarratti hundd'aa. Namichi nama ajjeese mana isaa dhiisudhaan bakka fagoo baqatee deemuu qaba. Sana booda akka seera gadaatti sirn akka guutamu ta'a. Gumaan gaaffatamu bifa lama qaba, kunis beekke kan ajjeese fi tasa kan ajjeese jechuun, addan baha. Gatiin kennamu lubbuu darbe akka bakka bu'u jechuu osoo hin tai'iin, gumaan haala ittiin namni cubbuu hojjate of irraa dhiquu dhaan firooma deebisaa jedhamee waan fudhatamuufi. Namichi nama ajjeese gosa isaa keessa deemee harkatu na xuraa'e, badiin hojjadhe na garagaara jedheetuu kadhatee gumaa baasa. Namni kun durreessa ta'u lee biyya irra deemee lubuun namaa harkati baduu isaa himatee, horii gumaa kadhachuun dirqama. Guyyaa araari bu'u horiin qalamee dhiigni gadi namm'ee, garee lamaanuuf foon xixiqqoon qoodameefii ida nyaatanii booda, sirnichi xumuura. Foon qoodamu xixiqqoo waan ta'eef "gumaa nyaanne" jedhama. Kana booda warri diina ta'ee ture deebi'anii walitti firoomu jechaa dha.

6.2. Bokkuu (Mallattoo Aangoo fi Araarati)

Bokkuun, inni duraa sibiilaraa tolfamee, waaqaa bu'e jedhama. Yeroo ammaa garuu Oromoon Bokkuu muka gaarii ilaalee bocee tolfata. Bokkuun kabaja guddaa qaba, yeroo baay'ee walitti bu'iinsa uummata keessatti ka'uuf kan lubbuu namaa balleessuu fi duula gosoota Oromoo giduutti godhamu tasgabbeessuuf kan bahuudha. Kanaafuu Bokkuun safuu fi duudha (tradition) jiruun akka jaarmiyaa araaraa tokkootti kan fudhatamuudha. Kana malee humni diinaa dhufee biyya balleessuuf yoo ka'ee fi Abbootiin

Gadaa sanaa hubannoo dhabuu dhan yoo callisan uummatni duulaaf ka'ee diina ofi irraa akka ittisu labsii kan ittiin godhamuudha. Akkasumas Abbaan Gadaa bakka Abbaan Bokkuu (mootin) jirutti Odaa ofiitti ji'la taa'ee Seera tumee labsa. Bokkuun mallattoo Gadaa naannoo adda addaatti, mallattoo aangoo ti. Akka aadaatti Bokkuun iddoo lamatti qoodama: 1. Kan gosa hangafaa, kan Malkaa hin ceenee (naannoo ofiitii bahee laga cehu kan hin dandeenye jechuu dha), akka tasaa yoo laga cehe fala qaba, 2. Kan gosa quxusuu, malkaa ce'uu kan danda'uudha. Walumaagalatti Bokkuun ala hin buluu jedhama. Paartileen Gadaa shananuu Bokkuu tokko tokko kan mataa ofii qabu.

6.3. Kallacha

Mallattoo hangafuummaa fi araaraa kan warra dhiiraa ti. Sirna Gadaa keessatti ulfina guddaa qaba. Iddoo baay'eetti kallachi Addatti godhamaa, kanaaf yeroo tokko tokko "addoo" jedhanii kan waamanis ni jiru. Waaqeffataa birratti waaqaa gaditti kan sodaatamuu fi safeeffatamuudha. Kallachi akkuma Bokkuu sibiila qorsa (comet) ykn bakakka waliin sami irraa bu'e jedhama. Waaqeffataan durii bakka bakakkaan itti bu'e aannan sa'a gurrachaa itti dhibaafatee kallachaa fi bokkuu argata jedhama. Kallachi waan kabaja qabuuf dhiiga malee hin sosso'u. Kallacha birratti Orommo sobaan hin kakatu, kan sobaan kakate ammoo hin hoofkalu jedhama. Kallacha dhimma nagaa fi araaraf itti gargaaraman. Bara caamsaan hammaatee, kallachi malkaatti, tulluutti bobbaafamee waaqni kadhatama. Yoo namni wal ajjeesee araaraamuu dide kallacha bobbasanii araarsu. Kallachaan kadhatamee namni didu hin jiru. Kallachi bu'aa fi dhimma dhuunfaaf ooluu isa irra hin jiru. Ta'us yeroo ammaa kana namootin tokko tokko safuu cabsuudhan haala faraatif it fayyadamaa jiru, fakk. durba tokko warri kennuufi yoo dide ykn ishiin yoo dide ittiin doorsisanii fuudhuu. Kallacha addaan itti hin adeeman. Osoo Farda yaabatani deemanuu, yoo kallachi namati dhufe irra bu'aniitu kallacha na hoofkalchi jedhaniitu itt irrenfatani bira taru. Kallachi kormaa fi laafa jedhameeti qoodama. Korma kan jedhamu, ija kan qabuufi mataan isaa ammoo qara kan ta'ee dha, fakk. kan Abbaan Gadaa mataati hidhatee waraana labsu. Kallachi laafan fakk. kan akka warri Gadamooyii hidhatanii dha.

6.4. Caaccuu

Mallattoo hangafuummaa fi araaraa kan warra dubartii ti. Caacuun kallacha dubartiitti jechuu ni danda'ama. Caaccuun faayaa kabaja dubartii Oromoo ti. Innis gogaa goromsaa irraa elella sagal sagaliin tarree galee tolfama. Elellaa fi Calleedhan bareedee tolfama. Caaccuun eebbaaf malee abaarsaaf hin ba'u. Dubartoonni Caaccuu addati hidhatannii, siiqee qabatanii, araara, nagaa, rooba, fayyaa, hormaata fi kkf. nuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu. Caaccuun mallattoo araaraa ti. Haati caaccuu siiqee qabatee waraana gidduu yoo seente loli sun ni dhaabata. Haati caaccuu durii, dubartii ilmi Gadoomee (Sagaa-Siiqee qabdu), dandeetti aadaa, amanti fi qalbii qabduu taate, dubartootan kan filamtee dhaa. Yeroo ammaa kana haati warraa warra aangoo qabanii fi waara dureeyyii dorgommii tokko malee nutu haadha caaccuuti ofiin jedha. Amantiin alaa dhufanis Caaccuunii fi Calleen meeshaa seexanaatii gataa, gubaa jechaa jiru. Ta'us dubartooni Oromoon hedduun meeshaa faayyiaa qabu kana akka seeratti kabajuu dhan itti fayyadamuu calqabani jiru. Bokkuun, Kallachi fi Caaccuun yeroo baay'ee harka maatii tokko keessatti mula'achuu ni mala. Namichi, Bokkuu qabu

tokko yeroo baay'ee Kallacha hin dhabu, abbaan warra meeshaa ulfinaa kana qabaanan haati warra immo Caaccuu ni qabdi jechaadha.

6.5. Siiqqee

Siiqqeen mallattoo heerumaa fi mirga dubartooni oromoo aadaadhaan qaban agarsiisu dha. Siiqqeen ulee sorooroo (qajeelaa) irraa tolfamti, mallattoo heerumaa fi aangoo ti. Siiqqeen kabajaa, saalfii fi sodaatama guddaa qabdi (Suura 4). Akka ulee biroo siinqee dhan horii hin dhayani. Seera fi woyyoomaaf qabatu. Kanaaf dubartiin siiqqee qabatte ni sodaatamti, ni saalffatamti, ni kabajamti, fakk. yoo dubartiin Siiqqee qabattee karaa irratti namatti dhufte, nama hoofkalchitu malee bira hin darbanu ykn hin qaxxaamuramu, malkaa ishii dura hin ce'amu. Dubartiin rakkate siiqqee qabattee kadhaaf karaara yoo baatte waan harka qaban hin dhoorkatanu.



Suura 4: Dubartoota siiqqee qabattee dhaabatu dhiirrootni yeroo dhiifama gaafatanu

Fayyidaa Siiqqeen qabdu

Walumaa galatti Siiqqeen fayyida hedduuf oolti.

- A. Guyyaa heerumaa haati intala ofiif "kana booda ani si bira hin jiru, ya intala too si'achi of danda'i" jettee akka ragaa heerumaa fi mallattoo kabajaa kan itti kennituu dha. Guyyaa heeruma ishii kana irra calqabdee Siiqqee qabachuu ni dandeesi. Siiqqeen mallattoo of dandeetiitii.
- B. Waraanni gosa gidduutti yeroo dhalatu, osoo walfixaa jiranuu, dubartiin Siiqqee qabattee ililfataa, ateetee faarsaa yoo lola gidduu seentee, waraani oggasuma dhaabbata. Kana jechaan Siiqqeen dubartootaa ulfina hangana hin jedhamne gonfachiifte jechuudha.
- C. Nama hiyyoomeef ykn qabeenyi balaa dhan jalaa barbadaa'eef hirpha kadhatuuf,
- D. Dubartii dhala dhabdeef guddifachaan mucaa akka argatuu kadhachuuf,
- E. Dubartiin karaa ykn imala (tour) deemtu akka dhiiraan hin tuqamneef,
- F. Kadhaa ykn araara waaqayyoof,
- G. Abbaa warraa ishiitin akka hin miidhamne siiqqee dhan of irraa dhoorgiti.

6.6. Abbaa Muudaa (Qaalluu/warra Ayyantuu)

Abbaa Muudaa jechuun Qaalluu isa muudu (blessing and gives power) jechuu dha. Seenaa sirna Gadaa durii keessatti Qaalluun iddoo olaanaa qaba. Qaalluun mallattoo mirgaa fi ulfina (Laduu) qabachuu dhan beekama. Qaalluun jaarraa 19ffaa booda gosoota Oromoo gara kaabaa fi gidduugala

Oromiyaa keessatti mul’atan sirna Gadaa waliin hariiroo hin qabanu. Jareen kun seera Gadaa cabsuudhan faguun calqaban, faguun aadaa qaalluu durii tii miti. Faguun ykn raaguun qaalluu Maccaa keessatti kan calqabe dhiyoo kana akka ta’e ni himama. Qaalluun durattii Oromoo biratti dhaaba ulfina guddaa qabuudha. Waan kana ta’eef walitti bu’iinsi yoo uumame namoonni gara araddaa Qaalluutti deemuun yakkaaf badii isaan irratti raawwatame himatu. Namni badii geesises garasitti baqata. Kana booda warri qaalluu rakkini uumamee akka fala argatu namoonni dhimmichatti dhiyaatan akka hiika barbaadan gorsaa fi qajeelfama kennu. Sana booda araari karaa jaarsoleettin bu’a.

6.7. Shanachaa

Shanacha jechaan jecha shan (5) jedhu irraa kan maddeedha. Shan aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Gadaan miseensa 5 qabaa, Bokkuun Gadaas 5, eebooni fi Alangaan yeroo seeri tumamuu fi muramu bahanus 5 shan akka ta’an ni beekamaa. Kunis aadaa Oromoo keessatti lakkoofsii shan akka lakkoofsa seeraatti fudhatamuu isaa mul’dhisa. Kana irraa ka’uun jaarsoleen Araaraaf ta’aan lakkoofsan shan waan ta’aniif “Shanacha” jedhamu. Shan ta’uun isaanii araara buusuf ni tola jedhameeti. Murtii shaneen hiika kennuufii dadhabdee immoo “salgeen” gosaa akka ilaalu godhama. Salgeen gosaa (koree hayyootaa miseesota nama 9 of keessaa qabu) akka qaama ol’aanaa yoo ta’u, isaa olitti immoo “Gumii ykn Caffeeetu” jira.


6.8. Jaarsummaa

Jaarmiyaa Manguddootan hojjatuudhan. Jaarsummaan bifa araaraa Manguddootaa fi jaarsa ollaattin kan raawwatamu yoo ta’u, dubbii murtii sadarkaa gandaa irratti raawwachuu qabuu dha. Kana jechaan rakkina maatii, olla, dhirsaa fi niitii kkf. gidduutti uumamaniif hiika duraa kennuuf kan uumta gargaaruu fi ammas gargaaraa jiruu dha.

7. Gadaan akkamiti hojjata?

Sirn Gadaa maaliin hoogganama? Abbootii Gadaa (mootummaa), Gumii fi Angafummaa (jaarmalee Abbaa Bokkuu fi Abbaa Muudaa) tiin hoogganamee hojjata (Government by Councils, Assemblies and Seniority), Taattoo 4.

Caasaa Mootummaa Sirna Gada, fakk. kan Boorana



Taattoo 4: Caasan Sirna Gadaa amma balbalaati gadi diiriira

Caffee jechuun mana Maree mootumaa Oromooti. Bakka mijaa'aa, waltajjii siyaasaa ykn Gumiin uummataa itti walgahuu dha. Fakk. Tuulamaa keessatti, Caffee Balloo, Caffee Doonsaa, Caffee Roobii fi Borkanaa (Wallo keessa) kkf.. Jaarmiyaan mootummaa sirna Gadaa keessatti ijaaraman Caffee irraa calqabee hanga maatii warra tokkoo ga'uutti kan diriiree dha (Taattoo 4).

7.1. Gumii ykn Yaa'ii (Kora uummataa)

Aadaa Dimookraasi Oromoo keessatti ijoon (Muummeen) aangoo namoota guguddoo, kabajamoo harka hin jiru. Abbooti Gadaa warra biyya bulchan harka hin jiru. Ijoon aangoo Gumii uummataa isa wagga saddeet saddeetiin walgahu harka jira, Gumiitu aangoo hunda caalu qaba. Gumiin walgahee seera dabe ni sirreessa, namoota aangoora jiran ni gorsa, yoo balleessaa qabaatan ni adaba. Warra dadhaboo ta'ani fi warra uummata tajaajiluuf fedha hin qabaane immoo ni jijjiira, seeroota turan irra deeb'ee in xinxala. Booranatti Gumiin kan waamamu Gadaan tokkoo taayitaa qabate waggoota afur booda. Yeroo Gumiin mari'atu kan Gumii hoogganu jarreen aangoorra jiran miti (isaan ofiifuu waan qeeqamaa jiranuuf). Abbootii Gadaa waara bara afur dura aangoo gad-dhiisanii fi waara isaan duraatu hooggana. Gumiin dubbii kan murteessu sagalee caaladhaan (majority) qofaanii miti, yeroo itti baleessee wal-amansiisuu ni yaalaa.

Caffee keessatti Abbaan Bokkuu fi Qaalluun sadarkaa walgituurratti argamu.

7.2. Abbaa Bokkuu (Mootii) fi Hojjaasa

Jaarmiyaa Mootummaa ol'aanaa fi Araaraati. Geggeesitoota Gadaa biratti abbaan Bokkuu kabaja fi ulfina guddaa qaba. Abbaan Bokkuu kan Gadaa dursu dha. Ol'aantummaa (aangoo) dhalootan maati angafaa ta'e (fakk. kan Tuulamaa Daacci keessa gosa Galaan jechaadha) keessa argamudha. Tuulammni Bokkuu shan qaba, shananuu harka warra hangafaati argama.

Walumaagalatti Abbaan Bokkuu Hojjaa kanaa gadii qaba

1. Waliti bu'iinsi uummata gidduutti yoo ka'e tasgabbeesuu, araarsuu,
2. Humni diinaa dhufee biyya baleessuf yoo ka'ee Abbaa Gadaa wajjin duula Labsuu (akka uummatni ka'u gochuu),
3. Bokkuun amantaan walqabatee qaama siyaasaa Gadaa kan dursuudha. Kanaafuu yeroo walgayiin Chaffee (Gumii) godhamu eebiisee saaqa,
4. Yeroo Baalii fudhachuuf Gadaan Raabaa Doorii deemu ni hooggana.

7.3. Qaalluu (Ayyaantuun ykn dursaa Amantii) fi Hojjaasa

Hoogganoota amantii waaqeffanaatti, namoota safuu waaqaa fi lafaa beekan, warra obsa qabeeyyi, warra kadhatanii waaqaraa argatan, warra lagu eeggatan, warra yeroo ofii amantiidhaf kennan, warra yeroo eebbisan waaqni dhaga'uu kkf., waara ta'anii dha. Jaarmiyaalee Gadaan ijaaree kessaa kan araara irratti hojjatan tokkoo jaarmiyaa warra Qaalluutti. Qaalluun (Ayyaantuun) yeroo gadoomaa Abbaa Gadaa eebisee ni muuda.

7.4. Abbootii Gadaa Oromoo

Abbootiin Gadaa Oromoo akamiti Hojjatu?

Akkuma saboota biraa, mootummaan oromoos haala hoojjaadhaf mijaa'aa ta'een ijaaramee biyya hooggana. Sirni Gadaa Oromoo hojjii fiixan baasuuf, Oromiyaa keessa bakka hedduutti hayyoonni akka hojjii raawwachistuutti dalaga warra gaggeessan, nama sagal sagaliin, Salgan Yaa'ii Booranaa kan jedhamaniin, ijaaramannii hojjatu. Isaanis sadeen Abbootii Gadaa, 1. Abbaa Gadaa fiixee, 2. Abbaa Gadaa Mandhichaa fi 3. Abbaa Gadaa Kontomaa kan jedhaman wara duraa yoo ta'an, akasumas Abbaa Muudaa, Abbaa Seeraa, Abbaa Alangaa, Abbaa Sa'aa, Abbaa Biyyaa fi Abbaan Duulaas miessnsota mana maree (cabinet) ti. Jareen kun hojjii raawwachiistuu (excutive body) damee hojjii (waajira) adda addaa ti. Boorana keessatti warri baay'ee barbaachisaa ta'an lakkofni isaani jaha yoo ta'u, isaanis gosoota lamaan Booranaa (Sabboo fi Goona) keessaa namoota sadi sadii kan filamanii dha. Jarreen kun akka ol'aanaafi gadi aanaa odoo hin tain walqixxummaatti wal kabajaa hojjatu. Murteen sagalee baayy'inaan ykn wal-amansiisuu dhaan murama. Booranatti Abbooti Gadaa sadii (Abbaa Duulaa, Abbaa Sa'aa fi Abbaan Muudaa) yeroo fi bakka barbaachisaa ta'etti itti dabalamuu ni mala. Abbootiin Gadaa namoota dalaga adda addaa dalagan of jalati ni ramadu, fakk. Makkala (gorsitoota) fi ergamtoota, Maabura (nama dhangaa Abbaa

Gadaa qopheessu) kkf. . Akkasumas caasaa Caffee gara jalaatti ijaarsi “Shanacha” jedhamu ni jira. Murtii Shaneen kun hiika kennuufii dadhabdee “salgeen” gosa akka ilaalu godhama.

Hojjaa Abbootii Gadaa

Hoogganootni Gadaa Biyya irra adeemanii qachaa keessatti qubachuudhan dhimmoota adda addaa fiixan baasu. Dangaa murta’e jiru keessatti bulchiinsa gaarii tolchuu. Diini dangaa sana akka hin seene ittisuu, fakk. Abbaan Duulaa miseensota sadarkaa Kuusaa (qondaala) leenjisee duulaf qopheesa. Bakka bu’ootni Saba Oromoo kun akka Salgee fi Shaneetti of ijaaranii dhimma Bulchinsaa, Siyaasa fi Diinagdee (Misoomaa) irratti hojjatu.

Hojjaa Abbaa Gadaa Fixee (Muummicha)

1. Koree Gadaa ykn Gumii waamuu, walitti qabuu,
2. Marii, dubbii walgayii irratti godhamu ni hooggana, ni to’atas,
3. Hundee ijoo dubbii, Gumiin irratti walii-gale gabaabsee miidhassee ibsa,
4. Haala ilaalee murtee fudhatamaa qabu dhiheessee yaada maruu,
5. Namoota dubbii fudhachuu didanii mufatan karaa adda addaa itti dhihaatee, eebban, sossobbidhaan araarsuu yaaluu.

8. Hojjaa ciicimoo bulchiinsi gadaa irratti xiyyeefatuu

8.1. Seera tumuu

Seeroonni guguddoon bakka shaniti qoodamuu:

- A. Seera Safuu (Seera waaqaa fi lafaa),
- B. Seera Basaqqeessaa (seeroota tumamanii labsamuudhan ittiin bulamu),
- C. Seera Asaasaa (seeroota hayyooni Gadaa wa’ee gumaa gosaa ykn rakkoo maatii tokkoo keessatti uumame ittiin muranu),
- D. Seera Gooroo (seeroota wa’ee adeemsa Hayyooni Gadaa yeroo hundaa gara Araddaa-ya’aa fi Ardaa-jilaa biyya keessatti gochuu irra jiru ibsan),
- E. Seera dhowwaa ykn Seera iccitti (state secrete), Seeroota namoon Gadaa shaman hulluuqan qofaan beekuu qaba.

Seera Gadaa Oromoo eenyutu tuma?

Sadarkaleen Gadaa Seera tuman Oromoota Booranaa fi Tuulama giduutti xinnoo addaduma qabaachuu ni mala.

Booranaa birratti warri seera tuman, Gadaa Sadarkaa Raabaa Doorii (Hayyootii Aduula/legislative body), warra fuulduratti aangoo fudhachuuf qophaa’u fi abbootii isaanii warra Yuuba 4ffaa keessa jiranu wal gargaarudhaan. Abbaanif ilmi Gadaa sadarkaa adda addaa keessa haa jiraatan malee miseensa goggeesa (Paartii) Gadaa tokkooti. Abbaan yoo Melbaa ta’ee ilmi Melbaadhuma ta’a. Hayyootaa fi Abbootii Gadaa darbanii akkasumas biyya wajjin mar’iin ni godhama. Seeri isaan tuman labsamee hojjii irra kan oolu saba birati fudhannoo yoo argate qofaadha. Oromoon kamuu seera sirrii hin taane mormuuf mirga qaba. Seera tumamee biyyi ida fudhatee booda

hoogganaan Raabaa Doorii korma qaleetu Bokkuu Gadaa ofii dhiigan tuqsiisee “tume Seera, hin jigu, hin dhangala’u, Seera Gadaa Oromootti” jedhee warra aangoo irra jiruti kenna. Raabni Doorii seera haa tumu malee kan hojjaa irra oolchu Abbootii Gadaa (Luboota) aangoo irra jiru (as executive body) jechaadha.

Gadaa Tuulamaa birratti, qaamni seera tumu (baasuu) immoo, warra Gadaa aangoo irra jiru, sadarkaa Gadaa ofii xumuruuf waggaan lama kan isa hafeedha. Jareen kun umuriin isaanii gara wagga 46 ta’uu mala. Seera isaan baasan hojjii irra kan oolchu immoo miseensota sadarkaa Gadaa isa duuba jiru (kan waggaa lama booda aangoo qabatu, Raabaa Doorii), kana jechaan, fakk. Gadaan Meelbaa seera tumee Gadaa Muudanaatti yoo kennuu, Muudaani immoo seera tume Kiiloleetti dabarsa kkf. (Taattoo 1 fi 2). Seeri sirritti hojjii irra ooluu isaa kan to’atu immoo Abbaa Seeraa kan miseensa sadarkaa Yuuba 1ffaa keessaa filatamuutu ta’aa. Miseensoni sadarkaa Yuuba 1ffaa mirga Seera hiikuu fi muruu (judiciary power) qabu.

Abbootii Gadaa Seera tumuun beekaman

Seeri Gadaa Booranaa Gadaa Gadawoo Galgaloo tiin,
Seeri Gadaa Tuulamaa Gadaa Cangaree Korbee tiin,
Seeri Gadaa Maccaa Gadaa Makoo Bilii tiin dursamuutiin tumame jedhama.
Oromoon uummata seera ofumaan tumatuu fi seera tumate hojjii irra oolchudhaanis beekamuudha.

Seeri Gadaa maal maal of keessaa qaba?

Seeri Gadaa dhimmoota adda addaa of keessa qaba, fakk.

Seera namummaa (human Right)

1. Kan dhalatee lafa gahe nama,
2. kan nama ta’e hundinuu ulfina nameenyaa qaba kkf.

Seera bulchinsaa (administration law)

1. Biyyi kan Oromoo hundaa haa ta’u,
2. Laft kan gosa hundaa haata’u,
3. Margii fi maddi kan horii hundaa haa ta’u,
4. Dhaali abbaa ilmaaf haa ta’u,
5. Hojjatanii nyaachuun kan hundaa haa ta’u

Seera qabeenyaa (property law)

1. Horiin namaa ulfina qaba,
2. Kan qabu kan dhabeef liqeesuun akka,
3. Kan liqeefatee deebisuun akka,
4. Kan biyyatti argame horii biyyaatti,
5. Boojuun kan duultuu hundaatti

Seera yakkaa (criminal law)

1. Kofoo gosaa saaquun yakka, kan saaqe du’aan adabuun akka,
2. Abbaa fi haadha rukutuun yakka, kan rukute du’aan adabuun ofkaltiidha,
5. Horii namaa saamuun yakka!

Seeri Gadaa fayyidaa fi mirga nama dhuunfaa kabajaa gara mirga gamtaatti guddata.

Seera waaqaa

Seera seeraa oliiti. Waaqayyoo kan dacheefi samii uumee, namaa fi biqiltuu maraa uumee, gooftaa hunda caaludha. Ulfinaaf safuus waaqaaf kennuu qabana jedha.

Seera ilkee

Seera ilkee jechhun seeroota guguddoo sirn gadaa qabu jechaa dha, Isaanis Seera waaqaa, Lafaa, Abbaa fi haadhaatti. Seeroon kun akka madda seeroota xixiqoo hundaati fudhatamu. Wagga sadeet sadeetitti yeroo seerooni xixiqoon tumaman, seerooni Ilkee kun hin jijjiramaanu, hin fooyyaa'anis. Isaan Seeroota dhaabbatoota jechaadha. Haa ta'u malee, guyyaa itti seerooni tumamaan labsaman seerooni ilkees akka seeroota haaraa tumamaaniitti uummataaf labsama.

Seera lafaa

Oromoon lafaaf (dacheef) ulfina guddaa qaba. Dacheen yoo jiraannu nu baatti, kan biqichetee nu nyaachifti, yoo duunes garaa keessa nu keeyyatti. Margaa fi bishaan kenniti, looni fi namni akka lubbuun jiraatan gargaartii. Oromoon qabeenya fi uumama dacheen qabdu ni dinqisiifata, kanaafuu seeri lafaa cimaadha.

Seera Abbaa

Abbaan waaqaa gaditti kan ulfini kennamuufi dha. Sababni isaas dhalchee kunuunsee nu guddisuu qofaa osoo hin tain qabeenya fi lubbuu isaatii ol kan nu jaallatuu dha. Kanaaf seerichi abbaa kee jaalladhu jedha.

Seera Haadhaa

Haatii namaa ji'a sagal gadaameessatti nama baatee, cinqiidhan dhiphatee nama deessi. Xuriifi fincaan jettee osoo hin jibbin, harma hoosistee kan nama guddistuudha. Kanaaf seerii, haati ulfina gudda qabdi jedha. Namni abbaa ykn haadha ofii rukute du'aan adabama.

Seera Rakkoo

Dubartii fi daa'immanii eegumsi akka godhamuf seeri ni dirqisiisa. Abbaan waraa tokko hawaasa keessatti fudhatamaa fi kabaja argachuuf dursee maatii ofii keessatti nama seera maatiif ulfina kennu ta'uu qaba. Namni tokko nama guutuu kan ta'u, yoo namaaf kabaja, waaqaaf ulfina kenne, seera Gadaa yoo guutatee dha. Akka kanaanis haadha manaa seeraa rakkoon fuudhuu fi daa'imman seeran dhalatan horachuutu isa irraa eegama.

8.2. Seera Muruu

Miseensota Abbaa Seeraatiin hooggannamuun seeri muramma (Judiciary body). Sirna Gadaa keessatti, seeri yakka raawwatamuu malu hundaaf akka salphinaa fi ulfina isaatti jira. Murtiiwwan adabbii kennaman horii irratti

murteesuu irraa kaasee hanga adabbii du'aatti kan jiruu dha. Nama seera cabsee sodaa tokko malee adaba. Abbaan Gadaayuu seeraa olii miti. Gumii qofaatuu seeraa oli. Abbaan Gadaa akka tasaa yoo nama ajjeese aangooraa ni buqiiffama malee hin ajjeefamu, gumaa biyyatu baasa.

8.3. Biyya Misoomsuu

Itti gaafatuma sirna gadaa keessaa ini guddaan biyya misoomsuudha. Fakk. Booranatti Eela baasuu, hora qulquleesuudhaan akka hin cufamne gochuu, margaa fi bosoona kunuunsuu kkf.. Haala kanaaf ittigaafatamni kan Abbaa Sa'aatii.

8.4. Amantii, Aadaa fi Dhaha (calender) Oromoo to'atee guddisuu

Gadaan dalagumaan Aadaa fi Amantii akka guddatu ni jajjabeessa, dhimma kana hordofee kan fiixan baasu jila Abbaa Muudaatiin (qaalluu) kan hoogganamu dha. Hayyooni haala dhahaa irrati qu'aannoo godhanus ni jiru.

Amantii Saba Oromoo durii

Amantiin saba Oromoo durii Waaqeffannaa dha. Waaqeffannaan ganamaa akkataa uumaa fi uummamaa ittiin ilaalu, ilaalchaa fi Safuu qaba ture. Hayyoota, Ayyantuu, Guula (Yuuba), haadha caaccuu fi Abbaa Gadaa qaba ture. Bakka itti Waaqeffatu, Ardaa- jilaa, tulluu, malkaa, burqaa, hora fi haroo diriirtuu qaba ture. Bakka itti wal-gahu galma ykn gaaddisa Odaa, Birbirsaa fi Harbuu qaba ture. Ulfaa amantii Oromoo kan akka qoloo, Caaccuu, Kallacha, Callee, Irboora kkf. hedduu qaba ture. Abbootii isaa warra darban kan ittiin yaadatu siidaa qaba ture. Kan ittiin yeroo lakkaa'u (to'atu) dhahaa (calender) qaba ture. Waaqeffannaan ganama guutuu ture. Wanna kana hundaa amantoota warra galaana ce'ee dhufetuu balleese. Waaqeffataan waaqni (humni ol'aanaa tokko/super natural force) akka jiru ni amana. Waaqa jechuun uumaa (the creator), isa waan hundaa gochuu danda'u jechaa dha.

Haala waaqaa ilaalchisee, ilaalcha Waaqeffataa ganamaa

- Waaqni dhuma fi calqaba hin qabu, seeri waaqaa, iccitiin hojjii isaa qormaataan bira gahuu hin danda'amu,
- Waaqni danda'aa dha, qulqulluu dha, garaa laafeessa, dheekkamaa mit,
- Waaqni guraacha, ijaan isa arguu hin danda'amu, garaan isaa baldaa fi taliilaa dha. Kanaafuu, "guraacha garaa garbaah" jedhama,
- Waaqni hin dhalu, hin dhalchu, uumaa dha, Abbaa uummamaati,
- Humni Waaqan morkuu danada'u (Seexanni) ni jira jedhee Waaqeffataan hin amanu,
- Waaqeffataan du'aa booda Jannani ykn Si'ooliin (paradise or hell) ni jiru jedhee hin amanu. Nama cubbuu hojjatte tokkoof Waaqayyoo asuma addunyaa kana irra osoo jiruu adaba kennaaf jedheetti warri Waaqeffataa amana.

Oromoo biratti jechooni, Safuu, Laguu, Eeebba, Sagada ykn Kadhaa, Dhugaa, Cubbuu, Araara, Nagaa kkf. jedhaman bakka guddaa qabu. Fakk, jecha "Safuu" jedhu yoo ilaalee, Oromoon hojjii waaqaa ni raajeffata. Raajii inni (waaqni) hojjatuu ilaalee sagalee "Safuu" jedhuu dhageessisuu dhan mirkaneessa. Jechi safuu jedhu kun, ergaa gammachuu fi jajuu ykn naasuu fi komii (positive or negative expressions) of keessa qabaachuu ni mala. Akkuma haalli sun itti dhalatee argame irra ka'ameetu safuu jedhamaaf. Waan seera uumaa dhaa alatti hojjetamee tokko innaa argu, haala naasuu dhan

guutameen rifatee “safuu” jedha. Kunis “hojjii waaqaatii” jedhee amana malee “hojjii Seexanaati” hin jedhu. Safuu, laguu fi dhugaa eeguun nama qullquleesa jedheeti Waaqqeffataan amana. Yeroo ammaa kanas Oromootni waaqa isa uume amanuu, sagaduu, kadhachuu, galateeffachuu itti fufee jira.

Dhahaa (calendar)

Wa’ee dhahaa ilaalchisee, yeroo uummanni Giddu-Galeesa Bahaa fi Awuroophaa, dhaloota Kiristoos dura, guyyaa mootiin isaanii aangoo qabateen bara lakkaa’wataa turan, uummanni Oromoo taa’uumsa baatii (ji’a), urjii fi aduu ilaalu dhaan dhahaa (calendar) tolfatee ittiin fayyaadamaa akka ture qorannaa godhameen raggaasifamee jira. Uummata afran dhahaa uumuudhaan addunyaa kanarratti beekaman keessaa uummatnni Oromoo isa tokko dha. Isaan kaan, Chaayinaa, Hindii fi Maayaa dha. Fakk., Dhahaan Booranaa biiftuu, urjii fi baatii irratti xiyyeeffata. Guyyooni ji’a tokkoo keessa jiran 29,5 ta’u, issanis maqaa adda addaattin beekamu. Oromoon durii guyyaa lakkaa’uu qofaa osoo hin tain, dhahaa kan qopheesu, dhaloota ofii, jaarmaa ofii, ayyaana ofii, jireenya ofii, seera, aadaa fi amantii ofii ittin wal qabachiisee itti fayyadamuuf jechaadha. Sirn Dhahaa Oromoo wanna hayyummaa Gadaa irraa madde dha.

8.5. Diina biyya irraa ittisuudhan nagaa biyyaa eeguu

Sadarkaa Gadaa Qondaalaa (kuusaa, 24-32) tu akka hoomaa waraana idileeti of ijaaree biyya eega. Haa ta’u malee hoo waraani dangaa oromoo cabsuu yaale, namni umriin isaa bara 8-80 tahe hundi diina biyya seene faccisuu dirqama qaba. Yeroo akkanaa Gadaan shananuu wal gargaarudhaan lolu. Loli akkanaa lola barbara jedhama. Barbari lola sun immoo maqaa abbaa Gadaa bara sanaatiin waamama. Shanan Gadaa Oromoo lola irratti ta’ee misooma irratti wal tumsu.

8.6. Dhimma Gumaa hiikuu (Araara buusuu)

Akka seera Gadaatti namni tokko beekaa ykn otoo hin beekiin nama yoo ajjeese gumaa baasuu isara jira. Oromoon lubbuu namaarratti ni hooda. Kana jechaan namni tokkoo dhoksaadhan lee nama ajjeesee hin hafu, ykn nama lammii hin qabaane ajjeesee biyya keessa bilisa ta’ee hin jiraatu. Nani nama ajjeese tokko otoo gumaa hin baasiin yoo lammii wajjin nyaate, lammiin sun ni xuraa’aa jedhameetti sodaatama. Kanaafuu Oromoon nama ajjeesee hin dhoksu (nama dhoksuu yoo yaalan waaqni ni arga jedhameeti iti amanama). Kanaaf akkuma aadaati Gumaa baasaanii araaramuun barbaachisaadha. Gumaa kan baasu gosa nama nama ajjeeseetti. Namni lubuu namaa baleese tokko otoo yeroo hin fudhatiin dafee lammii isaa keesaa bahee gara gosa biraati ykn mana warra Qaalluutii dheesseetu, naman ajjeese jedhee himata. Isaannis bosona keessatti, lafa dhoksaatti galchanii galaa laatuuf, nama waliin hin nyaatu, harka namaara waan nyaatu hin fudhatu (waanti nyaatamu lafa ka’amee achii fudhateeti nyaata), kun seeri gadaa safuu lubuu namaati qabu guddaa ta’uu isaa mul’dhisa. Nama ajjeesuun seera waaqas cabsuu waan ta’ef araari nama wajjin qofaa otoo hin tain waaqa wajjinis ta’uu isarra jira jedheeti Oromoon amana.

8.7. Gadaan Haraamuu haraamaa baasa

Haraamuu jechuun nama fira dhiigaa kan akka obboleetii fi intala ofii waliin ciise jechuudha. Akka ilaalcha Oromooti haraamuu ta’uun yakka guddadha. Haraamuu ta’uu manaa hatuu ta’uu wayya. Haraamuu ta’uun qixxee nama

nama ajjeeseti fudhatama. Ijoolen hanga dhaloota akkaakuu torbaati akka wajjin hin ciifne ni gorfamu. Namni akka tasaa haraame, karaa seera safuu eegee yoo falachuu fedhe Oromoon seera ittin haraamuu qulquleesu qaba. Sirni qulquleesuu kun Haluu baasuu, Jila baasuu ykn Kuldhaa baasuu jedhama. Nama seera guutachuu dadhabe Gadaan biyyaa akka bawwu ykn tarkaanfiin du'aa irrati akka fudhatamu ni godha.

Akkasumas Gadaan Cirattee ni Diinomsa. Diinomsuu dura ni yuuyyessa. Akka nama waliin hin jiraane loon isaanii, ijooleen isaani gosa keessaa addaan baasu. Akka jarreen kun karaa seera falatu yeroo obsaa ni kennuufi. Kana didnaan haraamuu, gadhee fi yakkama waliin jiraachun balaa fida, aadaa fi safuu baleesa waan ta'eef, gosuma jarreen kanaatu itti ka'ee jarreen kun cirattee dha jedhee Bokkuuni fi Kalachi bahee gosa sana keessaa isaan akka diinomsu (biyya akka baasu) godha.

8.8. Sirna Moggaasaa fi Guddifachaa Geggeesuu

Gadaan Orma ofiiti ni Moggaasa akkasumas Oromoo ni Guddifata. Akkataa Moggaasaani fi Guddifannaan itti raawwatamu Oromoon seera fi aadaa ni qaba. Sirn jaarmiyoota kanaa baayyee baldhaadha. Ulaagaaleen karaa lamaanuu ilaalamuu malan guutamnaan Gadaan uummata ormaa (ambaa) ni oromsa, ni moggaasa. Sirn kun Boorana keessatti Oromsuu, Tuulamaa fi Maccatti immoo Moggaasuu jedhama. Oromoon, Oromoo ni Guddifata malee hin moggaafatu, lammii ofii waan ta'eef akka moggaasaa maqaan hin jijjiramu, ulaagaaleen ilaalamanus ammas hedduu miti.

8.9. Gadaan Orma Rakkate Kooluu galcha (gives asylum)

Kooluu galuu jechuun nama haala adda addaatiin gosa (lammi) ofii keessaa bahee gara gosa Oromoo tokkooti dheesee seeran fudhatamee jechuudha. Fakk., nama nama gosa ofii ajjeesee yakkaame ykn fira dhiigaa waliin ciisee haraamuu tahee, baleessaa ofiiti gaabee, ija gosa ofii dura adeemuu jibbee, fedha ofitiin biyyaa bahee, yakka ofi himee, kooluu gaafatee. Akkasumas nama ajjeesee haala adda addaatin gosni isaa gumaa baasuu, araarsuu nama hin dandeenye, akka warri firi jalaa ajjeefamee sun isa hin ajjeefne biyyaa bahee kooluu galuuf nama gaaffateef Gadaan of eeggannoo (safety) ni kennaaf ture.

8.10. Gadaan Nama Daare, Daara baasa

Keessatuu durbi ykn dubartiin haala adda addaatin aantee ofii, abbaa, obboleessa ykn gosa ofii dhabdee (dhukkubaan, waraanan jalaa dhumuu malu) gaafa rakkoo nama akka abbaati, akka gosaati gumaa ishii falmu kan ishiin nama kooti jettee abdatuu, kan roorroo fi gadadoo ishii irraa ittisu argachuu maltii. Dubartiin akkasii nama beekamaa tokko filateetuu kooluu yoo itti galte daara ni baasa.

9. Abbootii Gadaa bara dhibootii 16ffaa keessa Duula Walabummaa gaggeesan

Keessatuu bara 1270 (bara ka'umsa Yukuno Amlak fi moloksicha Takla Hayimanoot) irraa eegalee hanga dhumaa bar-dhibbee 15ffaa tti Oromoon dhiibbaa fi roorroo humnoota Kiristaana fi Islaamaa jala akka ture ragooleen hedduun ni jiru. Roorroo kana ittisuurratti gootota fi hayyoota hedduutu wareegame. kanaan kan ka'e sabni Oromoo walakaan (qixxeen) isaa manaa fi

biyya abbaa ofii gadi lakkisee waan qabu fudhatee gara kibbaa fi Bahaatti godaane. Achiittis dhiibaan ittuma fufe. Kana booda Oromoon gara waggaa dhiibba tokkootif roorroo kana of-irraa ittisuuf mala dhahaa ture, keessumaa bara Gadaa Gadawwoo Galgaloo 1470s keessa haala karaa lolaattin biyyaa ofii falmanii deebifachuuf akka toluutti of ijaaruun barbaacisaa akka ta'e amanee, hawwaasa umuriin ijaaree, akka umurii isaatti dirqama itti kenne. Gadaan ini calqabaa akka haarati waan ijaarama "Gadaa mala-haaraa baase ykn Gadaa mala-baase" jedhamee hayyootan moggaafamee, meedhicha hidhate. Maqaan Gadaa kanaa seenaa keessatti Gadaa Melbaa jedhameeti beekama.

Bara Gadaa Melbaa 1522-1530

Gadaan Melbaa jedhamu (1522-4530) Oromoo dhaf Gadaa isa calqabaa miti. Isa duraayyuu bara kuma caaluuf Oromoon Gadaan bulaa akka ture ragaan ni jira. Gadaan Malbaase garuu uummata bara saddeet saddeettin qoodee namoota waggaa 8 olii fi 80 gad jiraniitti dirqama adda addaa kenne. Bara Gadaa kanaa Oromoon calqabaaf Abbaa Duulattiin of ijaaree, akka kana duraa yeroodhuma ormi itti dhufu of irraa ittisuu qofaa dhisee biyya ofii deebifachuuf jecha bakka Habashooni irraa fudhatan dhaqee loluu calqabe. Waraani Oromoo bara sanaa akka waraana qaroometti hiriiree loluu calqabe. Gadaan Melbaa Baale deebifachuuf yeroo lolu mooticha Habashaa Faasil jedhamu ajjeese. Gadaan kun lola irratti cimaa akka ture warri habashaatuu (Abbaan Baahireetu) raggaasee ture.

Bara Gadaa Muudanaa 1531-1538

Gadaa Melbaattii aanee aangoo kan qabate Gadaa Muudanaa ti. Bari kun bara warri Kirstaanaa fi Islaamaa (Imaam Ahimadiin hoogganamu) akka hamaatti wal waraanaa turani. Yeroo kana keessa Oromoon xinnoo afuura argatee akka laayyootti (simply) lafa ofii hanga tokko qabate. Waan waaqni diinoota isaa lamaan wal waraansiseef, Gadaa kana waaqatu mirga muude jechuudhan, Gadaa Muudanaa jedhee moggaasee. Gadaan Muudanaa kun seeroota lama daballee tumuudhaan seenaa Gadaa keessatti beekama, isaanis:

1. Lubni hundi akkuma aangoo qabateen akka duulu,
2. Lubni hundi osoo lafa dabalee hin bilisoomsiin meedhacha akka hin hidhaanne kan jedhan ture.

Seerooni kun akka Oromoon jabaatee biyya abbaa isaa deebifatu hedduu gargaare. Gadaa Muudanaatu dura laga Waabee ce'ee lafa qabate jedhe Abbaan Baahire.

Bara Gadaa Kiilolee 1539-1546

Muudanatti aanee kan baalii fudhate, Gadaa kiilolee ti. Bara Gadaa Kiilolee keessa Habashoonni gargaarsa warra Poortugaaliin, Imaam Ahimadiin bara 1543 waan ajjeesaniif qalbii tokkoon Oromoo irratti xiyyeefatanii meeshaa ammayyaa fi human waraanaa Awwroopaa irraa argataniin gargaaramuudhan Oromoo irratti duulani. Mootichi Habashaa (Galaawudoos) Imaam Ahimadiin ida ajjeese booda, waraana guddaa nama Adaal Mabiiraq jedhanuun hoogganamu gara Oromootti bobbaase. Gadaan Kiilolee waraana Habashaa fi Faranjii meeshaa hammayyaa (madfi) hidhate kana bara 1545 of-irraa rukutee, ajajaa waraanaa ari'ee laga Awwash ceesise. Waraani habashaa hedduun harka Gadaa Kiiloleetti baqee dhume jedhe Abbaan Baahire.

Humnoota Habashaa fi Faranjii meeshaa hammayyaatti gargaaramanu waan mo'eef, Gadaa dhugaa lole, kan Lole jedhamee seenaa keessati yaadatama. Jechi „kan lole” jedhu kun bara dheerina keesa „Kiilolee” jedhamuun beekama. Itti aanee baali kan fudhate Gadaa Biifolee ture.

Bara Gadaa Biifolee 1547-1554

Barri Gadaa Biifolee bara mootiin Habashaa lola warra Islaamaa waliin qabu moo'atee humna isaa mara gara Oromoo qofaatti xiyyeefate ture. Mootichi Habashaa Galaawdos, Adal Mabiraq moo'amuu dhaga'ee humna isaa waliti gurmeesee waraana Portugaal wajjin Oromoo irratti bara 1548 duula guddaa saaqe. Gadaan Biifolee diina itti dhufe qolee, rukuutee moo'uudhan of irraa deebise. Lafa bal'aa dabalee qabachuu dadhabus, humana guddaa kana falmee moo'ee of irraa deebisuu waan danda'eef, waanti hojjate akka gootumaa guddaati fudhatameefii maqaa Bif-oole jedhamu akka argatu ta'e. Bif-oole jechuun odoo hin dabaliin, odoo hin hir'isin akkuma jirutti, bifuma duraan jiruun eegee dabarse jechuu dha. Jechi "Bif-oole" jedhu kun bara dheeraa keessa Biifolee jedhame. Gadaan Biifolee dangaa Oromoo eegee, dirqama ofii raawwatee aangoo gara Gadaa Michilleetti dabarse.

Bara Gadaa Michillee 1554-1562

Miidhaan warra Abashaa fi Islaamaa karaa lamaan jabaatee waan dhufeef Gadaan Michillee seerota sadii baasee labsuudhan hojjaa irra oolchee ture, isaanis:

1. Namni diina hin ajjeefne akka hin fuune, akka rifeensa mataa isaa hin aaddanne,
2. Namni ganna 8 oli fi 80 gadii lola keessatti qooda akka fudhatan,
3. Waraanni Fardaan lolu hedduun leenjifamee akka bobba'u seera jedhu, kun immoo iddoo fagoo deemee akka lolu isa taasise (Suura 5).

Fardaa fi gaachanaan jabaatee loluu kan calqabe Gadaa Michilleetti. Michillee waraana Galawudos, Hamalmaaliin hogganamu waraanee moo'e, Faxagariin (Ererii fi Karrayyu) guutummaatti harka Oromooti galche. Itti dabalees hooggani Islaamaa Amir Nuur mooticha Habashaa Galawudosiin waraanee moo'ee (ajjeesee), gammadee ayyaaneffachaa otoo jiru Michille Harariin qabate. Amir Nuur oduu kana dhaga'ee otoo inni gara Haraaritti deebi'uutti jiruu Michille bakka Tulluu Haazaaloo jedhamutti haxxee (vicious / bösertig) hidhatee rukute. Lola kana irratti Oromoon hedduun dhumu'ilee waraanni Amir Nuur moo'ame harka Michilleetti baqee raawwate. Abbaan Baahire akka barreesetti Gadaan 5ffaana Missillee jedhamu biyya waraanee moo'atee idda balleesee booda loon ofii fudhatee itti gale jedha. Oromoon durii biyya waraanee waan barbaade idda godhee booda gara dhufeti deebi'aa jechuu isaattii. Seenaa Oromoo keessatti kan akka Gadaa Michillee diinota, warra habashaa (kan Portugaalin gargaarame) akkasumas Afaar (kan Turkiin gargaarame) haleelee dangaa bal'aa bilisoomse hin jiru. Michillee jechuun, bineensa bara caamsaan hammaatee yeroo haroon qooru bakka bishaan ture keessa bahu, bineensa gurraatti hanga saree xiqoo geessu, kan waraanni hin seenne, kan nama hin soodaanne, kan nama duukaa kaattee nama ciniintu, bineensa hamtuu dha. Gadaan Michillee farda luka afur qabu yaabatee gaachanaan waraana of irraa qolatee waan bakka yaade ga'eef Gadaa Michillee jedhamee moggaafame.

Bara Gadaa Harmufaa fi Gadaa Hambisaa 1563-1570


Gadaan Michillee dangaa bal'aa waan bilisoomseef dangaa bal'aa kana Gadaa tokkoon hoogganuun rakkisaa waan ta'eef Gadaan duraan Boorana fi Baarentuu irraa ijaaramee hooggana tokkoon walfaana socho'aa ture bakka lamatti qooduun dirqama ta'e.

Baarentuu Gadaa Harmufaa akkasumas Boorani Gadaa Hambisaatiin akka hoogganaman godhame. Harmufni Bageemdir rukutee gosati moggaasee of jala galche, Hambisaan immo duula guddaa mooticha habashaa Minaas Oromoo irratti bobbaase jabinaan falmee, balaa dhufu danda'u hambise.

Hambisni akka Harmufaa lafa bal'aa dabalee qabachuu baatuus, kan ture akka jirutti eegge dabarsuu waan danda'eef, Gadaa Harmufaa wajjin meedhicha hidhatanii baali dabarsanii Gadaa Roobaleetti kennan.



Suura 5: Abbaan Gadaa yeroo fardaan gulufaa Eebboo dhaan habashoota faccisu



Kaartaa 1: Biyya Abbootiin Gadaa jaarraa 16ffaa deebi'sanii walaba baasan (Goojjaam fi Gondariin dabalatee)

Bara Gadaa Roobalee 1571-1578

(Roobalee Baarentuu fi Roobalee Booranaa)

Roobaleen lachuu wal gargaarudhaan Bagamdir fi Wallootti duula guddaa bananii (keessatuu Roobalee inni Booranaa Amaaroota hallayyaa fi holqatti naquudhan) dangaa biyyaa bal'dhisuu danda'anii turan. Wa'ee Gadaa Roobalee Abbaan Baahire akkas jedha, waggaa saddeet booda kan bakka Harmuufaa qabate Roobaleen ilma Gadaa Muudanaa ti, isa kan Shawaa balleessee Gojjaamin rukutee, nama aangoo cimaa qabu Azmaachi Zari Yohannis ajjeese jedhe.

Bara Gadaa Birmajii 1579-1586

(Birmajii Baarentuu fi Birmajii Booranaa)

Gadaan Birmajii Baarentuu habashaa Kaabaa akka malee muddee qabuudhan, Dambiyaa rukutee Abooli fi Baahera Nagaash yeroo ajjeesu, Gadaan Birmajii inni Booranaa maqaa Maccaa fi Tuulamaatiin ijaaramee Amaaroota bakka hundaatii ari'ee, lafa fardi isaa seenuu danda'u hundaa qabate. Amaarris gaaratti, hallayyaatti, holqatti galtee dhokatte. "Utuu gaarrii, hallayyaa fi holqi

hin jiru ta'ee namni hafu hin jiru jedhe" barreessaan habashootaa Alaqaa Atsimeen.

Bara Gadaa Muul'ataa 1587-1594

(Muul'ataa Baarentuu fi Muul'ataa Booranaa)

Bara Gadaa Muul'ataa kana Walloo hedduu hin duulle. Yeroo lama qofaa Gondoritti duulee deebi'ee qubate jedhama. Muul'ataa Maccaa fi Tuulamaa garuu duula isaa itti fufee. Bifa lolaa geeddaree Amaara karaa irratti gaadee ajjeesuu calqabe. Gaara gidduu fi saqa dhiphoo ta'an gidduutti eegee ajjeesaa, murataa ture. Bakka farda isaaf mijaa'u mara Goojjaami fi Gondor keessa gulufee, qabatee, basha'ee achi taa'e.

Barreesan yeroo sanaa Abbaa Baahire akka jedhetti, biyyi Gadaa Booranaa jalatti bule, kan hafe tokko lee hin jiru jedhe. Muul'atni baalii Gadaa Duulootti dabarsee kenne. Haala kanaan Abbootin Gadaa injiffannoo ida argatanii booda sabni Oromoo hanga sirni Nafxanyaa jaarraa 19ffaa keessa ka'uutti jaarraa lamaa ol tasgabbaa'ee Gadaa isaa kabajataa nagaa dhan jiraataa ture.

Sirni Nafxanyaa kan calqabe, Amaari Oromoo waraanuu dadhabnaan araarfachuu calqabe. Walitti makamuu (wal fuudhuu dhaan) uummameen kan ka'e Oromootni Gondarii fi Goojjam keessa jiraatanu Afaani fi Amntaa ofii irraanfachuudhaan kan Amaaraa fudhatan jedhama.

10. Hir'ina heera Bulchiinsa Gadaa (weaknesses or incompleteness of Gadaa constitution)

Diimokraasiin Oromoo misha (gaari) ta'us dhibbaa dhibbatti guutuu dha (perfect) jennee dubbachuu hin dandeenyu. Sirn Gadaa akkuma sirnoora biraa, haala jijjirama yeroo waliin jijjiramaa guddataa adeema. Addunyaa kanara biyyi sirna dhibbaa dhibbatti guutuu tahe qabu hin jiru (otoo jiraate mana-maree isa hin barbaachisu ture). Haala kana hubachuudhan hir'ina sirni Gadaa Oromoo qabu keessa warra guguddoo afur kanaa gadditti tuqamanii jiru, isaanis:

10.1. Dubartiin kallatiidhan, Gadaa keessatti qooda dhabuu (Exclusion of women from formal political institution)

Dubartooni kallatiidhan filachuu fi filatamuuf mirga hin qaban. Haa ta'u malee Oromoo biratti dubartiin kallatiin qooda hin fudhatiin malee weedduudhaan, gorsaan, harka dugda duubaatiin dhiibbaa ni gooti. Akkasumas dubartiin seera siiqqeetiin ijaaramtee kabajaa fi mirga ofii eeggataa turte. Fuulduratti garuu kallatiidhan morkii seenuu qabdi, mirgi ishiis eegamuu qaba. Fakk. biyyaa qarroomte Ameerikaa keessatuu dubartooni hanga bara 1920 mirga filuuf filamuu hin qaban ture.

10.2. Corgoggina Jaarmiyaa Siyaasaa (Rigidity of political Structures)

Namooni umurii dhan wal irraa fagaatan miseensa Gadaa tokkoo akka ta'an waan godhamanuuf rakkoo uumuu mala. Abbaa fi ilmi waggootti afurtama addaan fagaatan akkasumas obbolaan hundi umurii isaanii malee Gadaa tokkoo keessatti akka ijaaraman seeri dirqisiisu hojjii irratti rakkoo uumeera. Namni tokkoo miseensa Gadaa kiya jedhu tokko keessatti ijaaramuu danda'uu qaba. Kana jechaan namni tokkoo dirqamaan miseensa paartii

abbaa isaa ta'uu dhiisuu qaba. Gadaa ofii qabatanii ka'uun immoo Gadaa ni miidhagsa, ni guddisa malee hin miidhu.

10.3. Malaammaltummaa Siyaasaa (Corruption in political life)

Akkataan filmaatni (election) iti godhamu yoo xinxaalamu rakkoo qaba. Namni Gadaa hoogganuudhaaf filamu, Gumiidhan ykn uummata hundaani miti. Hayyoonni Gadaa hoogganan kan filaman iccitiidhan, Ayyaantuu fi miseensoota sadarkaa Yuubaatin ture. Mirgi uummani qabu jarri kun nuu ta'u ykn hin ta'anu, jijjiiraa jechuu qofaa dha. Haalii kun immoo hayyoonni akka isaanii horii kennanii filatamaniif karaa bana. Haali kun seenaa filmaata Gadaa keessatti dedeebi'ee mul'dhateera. Haala Malaammaltummaa kana hamsuudhaf fuulduratti korojoon dhihaatee uummatni hooggantoota ofii kallattiidhan sagalee kennee filachuu mala. Ayyaantuu fi Yuubnii, yoo barbaachise akka koree filachiistuutti haala mijeessanii sagalee lakkaa'uu malee isaan uummata bakka bu'uanii Abbaa Gadaa filuu isaan irra hin jiru.

10.4. Sirnicha aamayyeessuu (modernizing) fi wiirtuu tokko ijaaruu dadhabuu

Jaarmiyaa Gadaa haala hammayyummaatiin (modern way) wal-simsiisanii wiirtuu tokko ijaarachuu dhabuun laafina fideera. Mootummaa Hammayyaa kan lakkfoosa sabaa hubanaa keessa seensisse (modern state, considering the question of scale) dhabuu hin danda'amnee. Dur yeroo uummatni Oromoo kumaan lakka'amaa ture, uummata bakka tokkootti qabanii mari'achiisuun ni danda'ama ture. Uummannis waan wal-beekuu maluuf sirritti wal-filachuu ni danda'a ture. Amma bara uummatinni hedduumaate kana, Gumii uummataa bakka tokkootti waamuu hin danda'amu. Biyyooni biraas dur hedduumina uummataa fi fageenya lafaa ilaalanii, bakka haala ammayyaatii mijaa'utti gara seera biyyoolessaatti guddisanii itti fayyadamaa jiru. Kanaafuu Oromoonis, uummata naannoo jireenyaatiin ijaaree gurmeessuu isa irra jira. Guutuu biyyaatti bakka bu'oota filatee, sirna bulchiinsa Gadaa diriirsuu jechaa dha.

11. Diimokraasawwa Sirna Gadaa

Sirn Gadaa Diimokraasawwa dha kan jedhamu maalif?
Jabina ciccimmoo Sirna Gadaa:

11.1. Seeri nama hundaa ol ta'uu isa (laws stand above all)

Kana jechaan Oromoon seeraan bula malee ajaja abbaa humnaatiin hin bulu. Abbaan Gadaas seeraa ol miti. Seeri mataan isaa immoo Gumii ol miti. Oromoo biratti mirga namaa qofaa miti, mirgi sareetuu seeran eegama.

11.2. Ittigaafatama fudhachuu, dhugaa bahuu fi adaba

(Principle of Accountability, the role of Confession and Penalty)

Seera Gadaa keessatti qajeelfamni bu'uuraa (basic principle) qabxii guddaan mirga warra dadhaboo eeguu qofaa odoo hin ta'iin, miidhaa jaareen aangoo qabeeyyiin nama irraan gahuu malan to'achuu dha. Akka seera kanaatti aangoo qabeeyyiin (fakk. Abbootin Gadaa yuu) hoo seera cabsan, ni himatamu, baleesanii yoo argaman ni adabamu, ni gorfamu. Oromoon akka warra biyyoota lixaa (warra Diimookraasii dhugaa geggesina ofiin jedhanuu) fakk. mirga Vetoo biyyootni jajabboon qaban hin fudhatu. Kana jechaan Diimookraasiin warra biyyootii lixaa waan seeraan kenname osoo hin tain

waan fedha abbootii hirreetiin kenname akka ta'e calaqqisa (reconciling the rule of law with veto power). Oromoo biratti seeri nama dhuunfaa tokkoo ta'e, kan saboota adda addaa wal hin caalchiisu, jabbaa fi dadhabbaa jedhee osoo hin qoodiin karaa dhugaatiin hundaafuu qixxee hojjata.

11.3. Humni waraanaa gumii dhaaf ajajamaa ta'uu isaa

(Subordination of warriors to deliberative Assemblies)

Ittgaafatamummaa sirna gadaa keessatti wanni nama ajaa'ibsiisu tokko, waraanni Oromoo Gadaa Kuusaa tiin ijaaramee, yoo gumiin gadaa isa abboome (ajaje) malee diina hin waraanu. Gumiitu bu'aa fi badii isaa bitaa fi mirga ilaalee irratti mari'atee mura. Irrati amanaan waraana labsa jechaa dha. Waan Gumiin mure hooggantuun waraanaa ni raawwachiisa jedhama.

11.4. Seera namaan tumaman fi hayyoota ciccimoo seera tuman

(Man Made Laws and the great Law makers)

Wanneen qaroomina uummata Oromoo agarsiisan keessaa tokko, seeri wanna waaqaa bu'ee, akka jirutti bara baraan eegamuu qabu osoo hin ta'iin, wanna namni akka isaa ta'utti itti yaadee tumu, yeroo barbaadee immoo jijjiramuu danda'uu ta'uu isaatti amanee fudhachuu isaatii. Uummanni Oromoo seera ofumaan tumata. Seeri waaqaa gadi bu'a hin jedhu ykn namoota kennaa addaa qaban eergamtoota waaqa biraa dhufaniin tumamas hin jedhu. Warra ciccimoo Seera Oromoo tuman keessa, Makoo Bilii (1580...) Maccatti, Dawwee Gooboo (1706) Booranatti fi Cangaree Korbee immoo Tuulamaatti, seenaa Oromoo keessatti namoota yaadatamani dha.

11.5. Aangoo muummee kan qabu Gumii dha

(Supreme Authority of the National Assembly)

Aangoo isa olaanaa kan hundaa caalu, Gumii uummataa isa waggaa sadeet sadeetin walgahutu qaba. Gumiin walgayii, Gadaa aangoorra jiruu, gadaa aangoo kennee fi Gadaa si'achi aangoo fudhatuuf qophaa'u, akkasumas uummanni marti irratti argamu dha (Taattoo 5). Ijoon muumeen aangoo walgayii Gumii harka jira.

11.6. Mootummaa Hayyootaa, walqixxummaa fi Gummi

(Government by Councils, Equality and the Assemblies)


Sirni Gadaa Oromoo hojjii fiixan baasuuf Oromiyaa keessa bakka hedduutti hayyoonni akka hojjii raawwachistuutti Gadaa gaggeessan salgan yaa'ii kan jedhamanii ijaaramuudhaan hojjatan qaba. Jareen kun akka ol aanaafi gadi aanaa odoo hin tain walqixxummaatti wal kabajaa hojjatu. Murteen sagalee baayy'inaan ykn wal-amansiisu dhaan murama. Gumii Wagga sadeet sadeetiin walgahuutuu hojjaa jaroota kanaa madaala, murtee barbaachisaa ta'es kan kennu Gumii dha.

11.7. Imaammata Seelkeessanii aangoo wal-irraa Fuusisuu

(The Policy of Staggered Succession)

Oromoon durii, Gadaan yeroo aangoo wal irraa fudhatu, rakkoon akka hin uumamne itti yaadetu Gadaa diriirse ijaare jedhama. Innis Gadaan sadarkaa adda addaa keessa jiran hoo bara sadeet, sadeetiin wal jalaa siqan, Gadaan Raabaa Doorii, Gadoomee odoo aangoo hin fudhatiin barootii 13, Gadaa Raabaa fi Raabaa Doorii keesa goggeessa ofii hoogganaa tura. Kana jechaan Raabni Doorii kan inni aangoo guutuutti qabatu, yeroo umriin isaa waggaa

45-53 tahutti. Aangoo irraa bu'ee sadarkaa Yuuba 1ffaa keessa immoo bara sadii (3) qofaa tura. Isa yeroo Raabaa Doorii keessa ture bara shan dabalatee ture saniif Yuuba 1ffaa keessa immoo bara sadii qofaa turee gara sadarkaa Yuuba 2ffaatti daraba. Haala kanaan kaadhimooni (the candidates) odoo aangoo guutuutti hin abboommatiin dura muuxanno waggaa 21 argatu jechaadha (Taattoo 5). Seeri ajja'ibsiisan akkanaa amma ammaati seera biyyootii lixaa keessatuu murta'ee hin jiru.



- 1-160 Marsa waggootaa (Years of cycle)
- I-XI Sadakalee Gadaa (Gada grades)
- 1-20 Gada Classes (Sadakalee Gadaa)
- Partii, garee (Gogeesa) Gadaa
- Gadaa aangoo qabate
- Gumii, walgayii uummtaa (Conference)

Taattoo 5: Caasaa wal xaxaa Sirna Gadaa

11.8. Imaammata Walii-Galtee Qadaaduu

(Policy of alliance of alternate Groups)

Hoboo fi Coora: Abbaa fi ilmi safuu walii qabu, garuu walmorku.

Akkaakayyuunii fi ilmi-ilmaa immoo waliigalu. Isaan lamaanuu hoboo ykn coora waan ta'aniif warra wal qadaaduu dha. Gadaa keessas waanti akkanaa ni jira. Gadaan aangoo irra jiru, isa aangoo irraa fudhatu fi aangoo itti kennuun wajjin walii hin galu, Walaannaa dha. Walaannaa jechuun kan wal hin qadaadnee, fakk. Gadaan sadarkaa Raabaa fi sadarkaa Lubaa (Gadaa), kan wal-morku jechuu dha. Ijaarsi kun warra aangoo irra jiru to'achuuf faayyidaa qaba malee walii diina jechaa miti. Gaafa rakkoo shanan Gadaa wal-gargaarudhaan hojjatu, fakk. diina biyyaraa ittisu fi hojjaa misoomaa irratti wal gargaaru.

11.9. Rakkoo addaan citiinsaa aangoo hambisuu mala

(The problem of Discontinuity of Authority and its solution)

Mootummaan tokko bara dheeraaf yoo aangoora ture itti gaafatamummaa ofii ni dagata. Angoon waan isa qofaaf kenname of fakkeeseetu, nama tuffata, uummata miidha, jijjiramuu qaba jechaa dha. Dafanii dafanii bara tokkoo lamaan yoo jijjiran immoo itti yaadee, saganteeffatee hojjachuudhaaf yeroo dhaba. Kanaafuu hayyooni Oromoo waana kan hubatee, itti yaadee, uumammas hubateetu, aangoon Gadaa bara sadeet sadeetiin akka jijjiramu murteese. Akkasumas yeroo wal jijjiraa keessatti ulaan saaqamee akka heerrii fi seerri hin badne, warri tasgabii eegan ni jiru, fakk., 1. Hayyuu Gadaa, kan warra yuuba 1ffaa keessa filatamee, warra aangoo fudhate gorsaan gargaa jiru. 2. Koree waara Ayyaantuu kan Abbaa Muudaatiin hoogganamu, kan Gadaa aangoo irra jiru wajjin hin jiraane ykn wajjin hin jijjiiramne, 3. Hayyoota Raagaa (prophets) fi kabajamoo, warra umurii guutuu safuu, seera fi aadaa eeguu dhaan beekama ta'an kkf. dha.

11.10. **Wal-mormii madaalamaa** (The principle of balanced opposition)

Oromoon akka dhugaani fi seeri eegamu hawaasa bakka lamatti addaan qoodeetu wal eegisisa. Lameenuu aangoo ni qoodatu, wal-to'atu, wal eegu, wal sirreessu. Wal faana lolu malee wal hin lolan. Fakk. gossota Oromoo adda addaa keessatti, Boorana – Bareentuma, Sabboo-Goonaa, Ituu-Humbaana, Raayyaa-Asiibu, Siikko-Mando, Maccaa-Tullama kkf.. Akkanati gosa lama lamaan qindoomanii Gadaa tokkoon bulu. Abbaan Gadaa gosa tokko keessa yoo ta'e, itti aanaan isaa immoo gosa biraa keessaa ta'a. Gosti lachuu murtii irratti sagalee walqixxee qabu. Kana jechaan karaa tokkoon wal morkaa karaa biraatiin immoo waan wal fuudhanuuf, walii jaalala ni qabu. Kaayyoo paartilee biyyoota lixaa yeroo xiinxalu fayyidaa akkanaa irra kan hunda'ee miti.

11.11. **Umurii fi dhalootaan Angoo Qooduu**

(Distribution of Power Across Generations and Age Groups)

Umuriin yeroo ilaalu namni tokko sadarkaa Dabaltee kaasee hanga Gadamojitti (0-88) sirna gadaa keessatti qooda qaba. Namni umurii kana keessa jiru dhimma biyyaa irratti waanti si galchu hin jiru jedhamee gara cinaatti hin gatamu. Namootin umuriidhan wal-irraa fagoota'anii dhaloota (generation) adda addaa keessa jiranis qooda ittiin wal-faana ijaaramanii, wal-tumsan qabu. Isaanis Hoboo fi Coora ykn Walaannaa fi Walqadaadduu jechuudhan. Fakk. Gadaan Sadarkaa Kuusaa (24-32) jiruufi Gadaan aangoo irra jiru (40-48) walqadaadduu dha. Gadaan aangoo qaba, Kuusaan eeboo qaba. Gareen kun lamaan waliif tumsu. Gadaa sadarkaa Raabaa-Doorii (32-45) fi Gadaa Yuuba 1ffaa keessaa (48-56) jiranis waliin walqadaaddu dha. Boorana keessatti Gadaan sadarkaa Raabaa-Doorii mirga Seera tumuu qaba (legislative power), Gadaan sadarkaa Yuuba 1ffaa immoo mirga seera hiikuu fi faluu qaba (judiciary, sort of supreme court), dhimma seeraa irratti wal tumsanii Gadaa aangoo irra jiru (executive body) to'atu jechaa dha.

Aangoo addaan baasuu (separation of power)

Sirna Gadaa keessatti aangoon addaan qoodama. Innis garee adda addaatti qoodama. Gumiin seera jijjiiruuf, Gadaa gorse sirreessuuf ykn buqqisee dhaabuuf, mirga qaba. Gadaan immoo biyya bulchuuf, diina ittisuuf aangoo qaba. Kuusaan immoo, hoo ajajame diina waraanuf mirgaa fi dirqama qaba. Warri Ayyaantuu (Abbaan Muudaa) guyyaa filmaata hedatee murteesuuf, yaa'a, jila, Gumii fi Abbootii Gadaa eebbisuuf mirga qaba kkf..

11.12. **Jaarraa Aangoo fi Bikka Yeroo**

(The term of office and measurement of time)

Jabeenyi sirna Gadaa filatamtoonni biyyaa bulchuu qofaa miti, yeroo (bara) bulchiinsa filataa tokkoos seeran murteesuu isaatti. Karaa ijoon Oromoon aangawoota ittiin to'atu keessaa inni tokko yeroo aangoo murteesse kennuu dha. Oromoon namoota filatamaniif waggaa sadeet qofaa dhaaf aangoo kenna. Waggaa sadeet booda aangoo gadi hin lakkisu jedhuun aadaa Oromoo keessa hin jiri. Jiini fi Guyyooni Baalii walitti dabarsanu dhahaan (calender) eegamee warra Hayyuutin akka mijaa'u ta'a.

11.13. **Jaarraa aangoo yeroo tokko qofaa gochuu**

(Limitation of office to a single term)

Akka Diimookraasii warra lixaa yeroo lammaffaaf deeb'ani filatamuun seera Oromoo keessatti dhorka dha. Akka biyyootii moototaan bulanii, umrii guutuu namni tokko biyya haa bulchuun oromoo birati laguudha.

11.14. **Yeroo Qormaataa**

(A period of Testing / time gap between election and investiture)

Aangoo guddaa kennuu dura dandeetii namichaa hubachuuf Oromoon waggaa 21 (Taattoo 5), wanna bulchiinsaan walqabate hojjachiisu dhaan, obsa qabeenya ta'uu, safuu eeggachuu, araara danda'uu fi gootummaa isaa, dalaga isaa irraa hubatee aangoo biyya bulchuu Abbaa Gadaatti kenna malee, dandeettii dubbatanii nama amansiisuu qabaateef ykn na filadhaa jedheef qofaa miti.

11.15. **Gadaan Dhaaccii qaba**

(The use of historic precedents as exemplary models / in other words, dhaaccii is mystical influence of history on the present course of events).

Dhaacci (Maq-baasa ykn Hooddataa Gadaa) jechuun ayyaana ykn milkii Gadaan Oromoo seenaa Abbootii Gadaa ufiitiin walqabachiisee raajeffatu, yaadatu, kabaju dha. Fakk. Oromoo Booranaa keessatti miseensota Paartilee adda addaa keessatti yeroo adda addaa waan gaarii ykn hamaa tokko warra hojjataniif akka fakkiiti (precedents / Beispielhaft) kan ittin yaadatamanu maqaa itti beekaman torba (7) Dhaaaccii (Maq-baasa ykn Hooddataa Gadaa) jedhamantu jira, isaanis, Fullaasa, Moggisa, Sabbaqa, Libasa, Daraara, Mardidaa fi Makhula. Fakk. Miseensa eela (boola bishaanii) baasudhaan biyya misoomsee ykn Seera gaari tumuudhaan beekame tokkoo yaadachuudhan dhalooni haaran ittii boonuu ykn barumsa irraa argatchuu kan danda'uu jechaadha. Akkuma dhaaciiin gaariin jirutti, hamaanis kan waraanaa ykn caamsaa waliin dhufus ni jira. Dhaaciiin gaarin kan misomaa fi badhaadhina waliin dhufu jechuu dha. Dhaaciiin tokko ida darbee booda yeroo beekamaa (known length of time) tureeti deebi'ee dhufa. Kunis shanan Gadaa yeroo torba torba ($5 \times 8 \times 7 =$ waggootti 280 (7 gada cycles)) dhufanii ida darbanii booda, inaa inni calqabaa yeroo sadeetaffaaf deebi'ee dhufu dhaaccii tokko ta'e jedhu hayyoonni oromoo durii. Fakk. Gadaa Dawwee Gooboo (maqaa Dhaaaccii Daraara tiin kan beekamu, 1706-1714 (d.K.b.) kan ture), milkii seera fooyyeessuu waan argateef Dhaaaccii gaarii qaba jedhama. Booranatti bara 1984 (gara waggootti 280 booda) dhaccii Daraaraa marsee (deebi'ee) dhufuu dhan Gadaan Dawwee Gooboo, yaadatamee, kabajameera. Akka Gadaa Dawwee Gooboo seera tumuun kan milkooman keessaa, fakk. Cangaree Korbee (Tuullamaati) fi Makoo Bilii (Maccaati) beekamoo dha.

11.16. **Hoogganummaa Filmaataa fi Dhaalaan Argaman**

(Elective and Hereditary Leadership Complementary Roles)

Sirna Gadaa keessatti Abbootiin Gadaa warri dhimma siyaasaa fi waraanaa hordofan uummataan filammaani, yeroo murtaa'e qofaa aangoo irra turu. Ayyaantuun (Qaalluun), warra dhimma amantaa, aadaa, safuu, dhahaa fi dhimma filmaataa hordofaanuudhaa. Qaalluuni fi Abbaan Bokkuu aangoo

dhaalaan (angafumaan) argatuu. Jareen kun umurii guutuu aangoo irra turu, jireenyi biyyaa tasgabii (stability) akka argatu godhu.

11.17. Amantaa fi Siyaasaa Addaan Baasuu

(Separation of Ritual and Political Domains)

Aangoon Abbaa Muudaa fi Abbaa Gadaa adda adda. Guyyaa jilaa, araddaa-jilaatti abbaa Muudaatu hooggana, eebba kenna, jila geggeessa. Bakka jilaa marga jiidhaa, baala daraaraa fi hororoo (ulee jilaa) malee eeboo fi qawwee qabatanii hin dhaqani. Guyyaa jilaa waanti dubbatan marti waan araara waaqaa fiduu maludha. Gumii immoo Abbaa Gadaatu hooggana. Inni immo adda seeraa fi adda siyaasaa ti, eeboo, qawwee fi ulee qabatanii dhaquu ni danda'ama, akkataa itti dubbatanis addaan ta'uu ni mala.

12. Maalif Sirn Gadaa Laafaa deemee?

Jaarra 18ffaa irraa eegalee Sirn Gadaa laafaa deemee jira, sababi isaas:

12.1. Teessoo Gadaa waliigalaa (Wiirtuu) tokkoo godhachuu dadhabuu

Waltajjii Madda Wallabuura ida buqa'anii booda Wiirtuu (Caaffee) gidugala tokkoo Oromoon ijaarachuu dhan mootummaa giddugaleesaa dhaabuu hin dandeenye. Bal'ina biyyaa fi fageenya teessoo Qaalluu Oromoo tin kan ka'e Oromoonni akka amantii isaanitti laafanii fi yaada adda addaa saboota olla irraa madduuf akka saaxilaman isaan taasise. Gosooni Oromoo bakkuma jiranutti Wiirtuu (Odaa) ofii ijaaru dhaan Abbaa Gadaa ofiitin of bulchuu calqaban. Kana jechaan, Booranni Gaayo, Gujiin Me'ee Bokkoo, Ittuu fi Humbannaan Odaa Bultum, Macci Odaa Bisil, Arsiin Odaa Roobaa akkasumas Tuulammni Odaa Nabee tti Wiirtuu ijaaratan. Oromootni Kaabaas iddoodhuma jiranitti citanii hafuudhan (cut off) Oromoota Kibbaa irraa suuta suutan of fageessaan. Haala kanaan humni alaa yeroo dhufu tokkummaa dhan akka durii humna isaanii waliitti fiduudhan wal gargaaruun waan hafeef akka salphaatti moo'amu danda'aaman jechaadha.

12.2. Ka'umsa Abbootii Biyyaa (Mootoota) Oromoo

Abbootiin Duulaa fi warri qabeenya guddaa horatan seera Gadaa cabsuudhan aangoo irra waggaa sadeet caalaa baalii osoo hin dabarsin turuu calqaban. Keessatuu jaarraa 19ffaa keessa Abbootin Gadaa uummata keessatti sooreessa turan aangoo harkaa qaban dhuunfachuu dhan bulchiinsa sirna Gadaa dantaa mataa ofiif jecha gara sirna mootiitti jijjiiran, fakk, kan akka Mootummaa Gibee shanan akkasumas Oromoo Yeejjuu, Ifat, Jimma, Leeqa, Iluu, Dharraa, Warra Sheekkoota Walloo fi Amiroota Arsii Baalee fi Haraargee kkf., laafinaa fi kufaatii Sirna Gadaatiif gumaacha gudda godhanii jiru. Abbootiin Biyyaa (mootootni oromoo warri haaraa) kun hedduun isaanii aangoodhaa ykn lafa bali'fachuuf jedhanii, diina wajjin wal tumsuu dhan (collaborating with enemies) lammii ofii waraanaa akka turan kan beekamuu dha.

12.3. Adeemsi Jilaaf gara Abbaa Muudaatti godhamu hafuu isaa

Gosooni Oromoo guguddoon hundaa hanga calqaba jaarraa 19ffaa ti karaa bakka bu’oota isaanitiin gara Madda Wallabuu jilaaf namoota ni ergu turan. Sana booda wiirtumaan Madda Wallabuu siyaasa fi amantiif qabdu gosa Arsiif qofa ta’ee hafe. Akka sababaati kan kennamu jijjiirama haala diinagdee fi siyaasa hawaasa addunyaa akkasumas fageenya iddoo fi rakkiina nyaaphaan (diinan) fi saamtotaan daandii (karaa) Madda Wallabuutti uumamen ta’uu isaa ni himama. Hafeenyi adeemsa gara jilaa, wal qunnaamtii Abbootii Gadaa addaan waan kuteef, wa’ee Biyyaa irratti mari’achuun, wal gargaarun, diina Biyya irraa ittisuunis ni hafe.

12.4. Amantaan Oromoo ol’aantummaa Amantoota alaa dhufan jala galee

Gosooni Oromoo, warri mootoota ollaa wajjin araara fi wal fuudhuudhaan waliigaltee (Alliance/Bündnis) uuman, suuta suutan Amantii Kiristaanaa fi Islaamaa fudhachuudhan sabn Oromoos akka fudhatu godhanii jiru, fakk. walakkeessaa jaarraa 19ffaa irratti Mootummaan Gomma guutummaa guutuutti Amantii isaa gara Islaamummaatti jijjirudhaan jilaaf gara Madda Walaabuu deemuu dhiisee gara Makaa fi Madiinaa deemuu calqabe.

12.5. Sabni Oromoo orma hedduu ofiti ida moggaasee booda sirriiti wal fudhachiisuu (integrating) dadhabuu

Yeroo dheeradhaaf gosoonni Oromoo saboota hedduu ofiitti moggaasuudhaan aadaa fi Afaan ofii babal’dhiifachaa yoo turan iyyuu, mallattoowan eenyumaa kun kan saboota ollaatiin liqimfamuun isaanii hin oole. Kun kan ta’ee Sabni Oromoo orma hedduu ofiitti ida moggaasee booda, gara boodaa kana sirritti wal fudhachiisuu ykn sirriiti waliti makuu dadhabuu isaatu himama. Karaa biraatin abbootiin biyyaa, wari seera Gadaa cabsee mootii of godhe, Amantiin Kiristaanaa fi Islaamaa akka babal’dhatan gochuu qofaa otoo hin tain Aadaa, Seenaa fi Afaan Oromoos akka badan haala mijeessaanii jiru. Gochi kun hariiroon Oromootaa gidduu ture akka laafu fi Aadaa fi Afaan Oromoo fakk. Gojjaam, Gondar fi Wallo keessatti akka liqinfaman taasiifameeraa.

13. Sirni Gadaa eessatti, yoom hojjii calqabe?

Gaaffiilee kana lachuufuu deebiin siyaasa hawaasummaatiin mirkannoo argate amma ammaatti jiraachuu bantus ragaaleen manguddoo Tuulamaa irra argaman fulchoo (hint) nuu kennuu ni danda’u. Seeri Gadaa Odaa Nabee jalatti hojjachuu erga eegalee yeroo baay’ee fagoo akka ta’ee ni dubbatama. Seeri Gadaa tajaajila lakkoofsa baraa ykn yeroo kennaa waan tureef isa irraa ka’uudhan Gadaan Odaa Nabeetti yoom hojjaa akka calqabe herreguu (calculate) ni danda’ama jedhu hayyoon siyaasa hawaasummaa. Kanaaf gochi seenaa tokkoo erga raawwatamee booda bara hagamtu darbe? Gaaffii jedhuuf deebii kan ta’uu, Oromoon Gadaa tokko, lama, sadi jedheetuu amma ammaatti meeqa akka darban ni tilmaamaa. Haala kanaan

odeeffannoo manguddoota Tuulamaa irraa argame akka ibsutti, Odaa Nabee jalatti Abbootii Gadaa 225 (amma bara 2004) akka hoogganaman dubbatu. Kana bara sadeet ykn bara Gadaa tokkoo yeroo herreegamu $225 \times 8 =$ waggaa 1800 taha. Kana bara 2004 irraa yoo hir'isnu $2004 - 1800 =$ bara 204 dhaloota Kiristoos booda (dh.K.b.) akka ta'u tilmaammama. Manguddooni itti dabalani odeeffannoo adeemsa fi jijjirama sirna Gadaa keessatti adeemaa tures dabarsaniiru. Haala kanaan seera Gadaa keessatti jijjiirama jajjaboo lamatu uumame. Isaanis CINNA Gadaa fi HAAROMSA Gadaa jedhamu. Cinna Gadaa jechuun waliigalaan hooggansa Caffee tokko irraa argachaa turan addaan cite jechuu dha. Cinna kana booda gosti Oromoo Caffee mataa mataa ofii tolfatee itti buluu calqabe. Akka jechoota manguddootti Gadaan Tuulamma bara Gadaa ykn jaarraa 45nifi addaan cite. Kunis yoo herreegamu $45 \times 8 =$ waggaa 360 ta'a. Kanaaf waggaa 360f gidduu-galummaan Caffee Odaa Nabee hin hojjanne jechuu dha. Cinn Gadaa kun bara kam keessa akka ture argachuuf kan nama gargaaru odeeffannoo biraa immoo wa'ee haaromsa Gadaa ti. Haaromsa gadaa jechuun sirna Gadaa bifa haaraan deebisani ijaaruu jechaa dha. Haaroomsa Gadaa immoo Gadaa 111 dura kan adeemsame ta'uusaa odeeffannoo manguddootaa irraa hubachuun danda'ameera. Kunis waggaa 8ttin yoo herreegame $111 \times 8 =$ waggaa 888 ta'a. Bara kana bira ga'ufis waggoota 2004 irraa 888 yoo hir'ifamu bara 1116 (dh.K.b.) ta'a jechuu dha. Kanaaf Gadaan Odaa Nabee jalatti tilmmaamaan bara 1116 tii haaromsame jechuu dha. Kana jechuun Gadaan 45f Gumiiin wal hin geenye jechuu dha. Kunis bara haaromsa Gadaa 1116 irraa waggoota 360 yeroo hir'isnu $1116 - 360 = 756$ (dh.K.b.) waan ta'uuf cinni Gadaa nannoo bara 756 (dh.K.b.) irraa ka'ee amma 1116 ti (dh.K.b.) jechuu dha. Haaluma kanaan yeroo tilmaamamu, sirn Gagaa Odaa Nabeetti bara 204 (dh.K.b.) eegalamee hanga 756 (dh.K.b.) hojjataa ture. Sana booda gara waggoota 360f Odaa Nabee jalatti hojjachuu ida dhiisee booda nannoo bara 1116 deebi'ee haaromfamuudhan hojjachuu calqabe. Egaa odeeffannoota kanaraa hubachuu akka danda'amuutti Gadaan Oromoo bara 204 (dh.K.b.) eegalee Odaa Nabee jalatti hojjataa ture. Achii bara 756 amma 1116 (waggoota 360) cinna Gadaatu ta'e. Kana jechuun yeroo kana keessa gostooni Oromoo sirna Arddaa-Yaa'a fi walgayii Gumii hin tolfane jechaa miti, hedduun isaanii Arddaa-Yaa'a fi Qachaa Siyaasaa ofii waan qabaniif jechaa dha. Garuu, rakkoon ture, gosti Oromoo Gadaa adda addaa jalatti bulu wal faana Abbaa Muudaa tokkoon eebifamaa turee, wal irraa cituu isaatti.

Akka odeeffannoo manguddootaatti, taa'umsi Abbaa Muudaa Odaa Nabee irra gara Odaa Roobaatti jijjirame, achi irraa immoo gara Madda Walaabutti akka socho'e himama. Odaan Roobaa Baale keessa aanaa Giniiiritti argama. Dhiibbaa fi wal rukuchaa warra amantii Kiritaanaa fi Islaamaa (warra Seematiik) hamaatee, tasgabiin naannichaa waan boor'aef, uummanni kana jalaa of baraarsuuf (to ensure itself / absichern) Odaa Nabee irra gara Odaa Roobaatti (Abbaan Muudaa Tuulamaa Odaa Nabeeti waan ajjeefameef), Odaa Roobaa irraa immoo gara boodara gara Madda Walaabuutti godaanuuf dirqama ta'ee.

*Akka qu'annoon yeroo dhiihoo ibsutti Walaabu, Dawaaro, Mormor, Kattaa, Odaa Nabee (204-756 dh.K.b.), Odaa Nabee (1116---), Odaa Roobaa (1316-1370), Madda Walaabu (1450-1801) wiirtuuwwan waliigala amantii fi siyaasa Oromoo ta'uu isaanii addeessu. Wiirtuuwwan, Dawaaro fi Mormor,


bar dur-durii (barkume lamaa ol ta'uu dura) iddoo Oromootni itti walgahaa turan jedhama.

14. Oromiyaa fi Qabeenya Ishii

Oromomiyaan biyyoota Afrikaa qabeenya uummammaatiin badhaatuu ta'aan keessaa ishii tokkoo dha. Haali qilleensa ishii, akkaataan taa'umsaa lafa ishii, baay'ina uummataa, misooma diinagdee, haala mijaa'ummaa gabaatiin naannoowwan kan biroo irraa fooyya'ina guddaa qabdi. Qonni Oromiyaa utubaa biyyaattiiti. Waggaa tokko keessatti oyiruu (maasii) tokkoo irratti yoo xinaate yeroo lama oomishuu ni danda'ama.

Waantaan Oromiyaa sooretii jechisiisan keesaa:

- 14.1. Lafa bal'aa fi uummataa baay'ee qabdi. Sabni (uummannii) Oromoo lakkoofsan milliona 40 ol ni ta'aa. Sabni kun ijoolee jajaboo fiigichaan ykn kaachaan beekamoo ta'an hedduu qabaachu dhaan addunyaa kana irrattii beekamtuudha. Oromoon, lafa dangaa biyyuumaatiin beekamee, kan irra jiraachaa jiru, lafa bal'dhaa Gaanfa Afrikaa keessaatti argamu, Oromiyaa jedhamee ifaan beekamuu tokko ni qabda (Kartaa 2)



Kartaa 2: Bakka teessoo Gosoota Oromoo



Suura 5: Simbiroo babareeduu (flamingo) kumaan lakkaa'aman (Haroo Abayitaa)

1. Raayyaa (Tuullama), 2. Wallo,
3. Maccaa, 4. Tuullama, 5. Harargee (Ittu, Noole, Jaarsoo, Ala, Aniaa fi Baabile), 6. Arsi (Sikkoo fi Mando),
7. Boorana (sabbo, Goona), 8. Gabra,
9. Orma, 10. Waata, 11. Gujjii

- 14.2. Qabeenya bishaanii gahaa qabdi. Bishaan jechaan jireenya jechaa dha (water is life). Oromomiya keessatti Lageewwan, Burqituuwan fi Haroowwan hedduun ni jiru. Lageewwan guguddoon, kan akka Abbaayyaa (Nile), Hawaas (Awash), Gannaalee (Jubbaa), Waabee, Dhaadheessaa, Gibee, Baaroo, Daabbus fi Raamis kkf. dha. Lageewwan kun irra caalaan isaanii garuu gara biyyootii alaatti yaa'uu. Otoo isaan jiraachuu baatanii jireenyi ummatoota Misiirii (Gibtsii), Sudaanii fi Summaalee rakkisaa ta'ee

ture. Gara duraatti Misooma Oromiyaa guddiisuuf shoorin Lageewwan kanaa guddaa dha. Humna Elektriikaa Itoophiyaan qabdu keessaa 97 % kan oomiishamuu lageewwan kana irraayyuu. Haroowwan hedduus ni qabdi, fakk. Danbal (Zuwaai), Laangaannoo, Abbaayitaa, Shaalaa, Caamoo, Qooqaa fi Hori Bishooftuu warra beekamoo dha. Omiishni qurxumii fi horsiisnii naachaa (crocodile) guguddoon biyyatiin qabdu maddi isaanii lageewwanii fi Haroowan Oromiyaatii.

- 14.3. Biyyaa sanyii beelladaa (domestic animals) adda addaatin beekamtee dha, Keessatuu sanyiin loon Booranaa naannoowwan gamoojii keessatti horuu dhan giita kan hin qabnee dha. Lakkoofsa horiitin Afrikaa keessa Oromiyaa kan caalu hin jiru.
- 14.4. Biqiltoota fi Sanyii Midhaanii adda addaa ni qabdi. Maddi (origin) Bunaa fi Garbuu Oromiyaa dha. Oromiyaan, biyya bunni iti argame qofaa osoo hin tain, buna akaakuu gaarii (quality coffee) qabu oomiishuu dhaan addunyaa kana irratti beekamtuu dha. Bunni 60 % ol kan ta’u burqa sharafa alaa Itoophiyaa kan galchuu dha. Miidhaan (cereals) saba Itoophiyaa jiraachisaa jiran irra caalan isaanii, fakk. Xaafiin (Ada’aa fi Bachoo), Garbuu fi Qamadiin (Arsii fi Baalee) akkasumas Boqqoolloon (Dhadheessa) kkf. Oromiyaa keessaa oomishoomuu. Maasiin (plantation) babal’dhaan, kan Shonkoora, Jirbii, Abaaboo ykn Daraaraa, Baala Tamboo fi Shaayii kan argaman achuma Oromiyaa keessatii.
- 14.5. Qabeenya bosonaa fi Bineensa bosonaatiinis Oromiyaan badhaatuu dhaa. Bosonni Oromiyaa, bittoota habashaatiin yeroo itti qabamee eegalee harki caaluu kan manca’e yoo ta’u lee, muraasni isaa amma lee kan argamuu naannoowwan Kibba-Lixaa (Iluu Abbaa Booraa) fi Kibba-Bahaa (Baale) kkf. Oromiyaatii. Bosoni Oromoo mukootii faayidaa qabanuu fi Gaagura dammaatiin kan guutamee dha. Akkasumas bineensota bosonaa kan akka, Jeedala Diimtuu (red fox, jackal), Leencaa, Qeerransaa, Gafarsaa, Sattawwaa, Bosonuu, Gadamsa (great kudu), Harree Diidaa, Weenni fi Arba, akkasumas Simbiroota babareeduu lakkoofni sanyii isaanii 800 ol ta’e, fakk. kan akka Dhaatii (flamingo) tin kan sooromee dhaa (suura 5). Bosona Itoophiyaan qaba jettu keessaa 90 % ol kan argamu Oromiyaa keessati.
- 14.6. Albuuda bu’a qabeenyii hedduu qabdi, fakk. naannoowwan Harargee fi Baalee keessatti Gaaziinii fi Zayyiti boba’aa bal’dhinaan akka argaman qo’annoodhaan beekameera. Albuudi Sokoo (warqee), Meetii, Plaatiinami, Tantaalami fi Kiromiyamiin naannoo Gujii keessaa hedduminaan argamu. Kana malee Lixa Oromiyaa (Wallaga) tis Albuudini Sokoo danuun ni jira. Ta’us Albuudin gatii ol’aanaa qaban kun, saba Oromootiif faayidaa tokko lee kennaa hin jiranuu. Hedduun isaanii deggartootaa fi hoogganoota habashootaatiin akka maleeti saamamaa jiru, fakk. Midroc Gold kampaniin (kan namicha Al Amoudi jedhamuu) qofaa Dollara Billiioonaan lakka’amu saamameera, ammas saamamaatuma jira.
- 14.7. Oromiyaan bakka bashananaa fi daaw’annaaf namatti tolan hedduu qabdi, fakk., Parkii Hawaas, Horoota (lakes), akka Laangannoo, Abbayitaa fi Wanicii kkf. akkasumas Burqituwwan oo’aa (hot springs), kan akka

Soddorree, Wandoo Ganat, Walissoo fi Finfinnee kkf., kana malees Holqa Suuf Umar (Baale) akkasumas tulluuwan dhedheertuun Arsii fi Baalee keessatti argamanu (the bale mountains), fakk., Tulluu Karraa (4343 m), Tulluu Baatuu (4303 m) fi Tulluu Guugguu (3623 m) kkf. hedduu qabdi.

- 14.8. Oromiyaan magaaloota qilleensa fi taa'umsa dansaa qaban guguddoo ni qabdi, fakk., kan akka Finfinnee, Adamaa, Bishooftuu, Shashamanee, Dirree Dhawaa, Harar, Jimma, Naqmttee kkf. qabaachuudhan biyya badhaatee dhaa. Karaa biraattin Finfinneen wiirtuu (center) biyyoota Afrikaa ta'uun ishii qananoomma (comfortability) ishiitti agarsiisaa. Waan hundaanuu haala mijaa'aa waan qabduuf bakka bu'oonni biyyootii Afrikaa wiirtuu isaanii achi godhatanii bashananaa nagaadhan keessa jiraachaa jiru.

15. Xumuura

Seenaa sirna Gadaa irraa akka hubanneetti Oromoon waan sadiin bula, Seeraa, Safuu (hooda / aadaa) fi qoodan bula. Oromoon seera tumuu qofa oto hin tain seera ofiin tume kabajuudhaanis aadaa boonsaa qaba. Oromoon seera safuu ittiin egatu, waaqeeffatu, nagaa eegatu, seera ittiin misoomu fi nama hiyyoome ittiin gargaaru qaba ture. Abbaa fi ilma, angafaa fi quxusuu, abbaa warraa fi haadha warraa gidduudhaa calqabee hanga sadarkaa biyyoolessatti waliti dhufeenyi jiru heera fi seera adda addaatiin gaggeeffamaa ture. Bulchiinsi, filmaanni, araarri, amantiin, walumaa galatti waanti kana fakkaatan marri heera fi seera ittiin ilaalaman qabu ture. Sirn Gadaa, sirna hanga ammaatti addunyaa kana irratti hiriya hin qabne. Kanaafuu seenaa isaa barree, barrsiifnee, ammayyeessinee (haaromsiifnee) itti fayyadamuutuu nu irraa eegama.

Abbootiin Gadaa jaarraa 16ffaa waan hedduu nuu dhiisanii darbanii jiru,

1. Badiin lubbuu fi qabeenya Oromoo irratti gahu akka dhaabatu gochuu irra darbee sabni Oromoo kabajamee akka jiraatu godhan,
2. Biyyi Oromoo dangaa Sumaalee irraa ka'ee hanga daangaa Suudaniitti, keenyiaa irraa hanga naannoo Tigraayitii deebi'ee akka bal'atu taasisan (Kartaa 1 fi 2),
3. Aadaa, Afaan, Seenaa fi Amantiin Oromoo akka hin badne godhan,
4. Lola Amantii, kan humnoota Kiristaanootaa fi Islaamootaa gidduutti bara dheeraaf naannoo Gaanfa Afrikaatti gaggeeffamaa ture addaan kutanii dhaabuu dhaan tasgabii amma hardhaa gahe uumsiisuu danda'anii jiru.

Dhalooni ammaa (the new generation) abbooti Gadaa jaarraa 16ffaa irraa maal barachuu danda'a?

1. Abbootin Gadaa durii miira sabboonummaa cimaa (strong national feeling) qabu turanii. Sabni sabboonummaa cimaa qabuu tokkoo, diina irratti xiiqii qabatee, lolee, mirga ofii kabajeefachuu akka danda'u Oromootni durii gochaan mirkaneesani jiru. Sabni miira sabboonummaa hin qabaane immoo akkuma gabroomeetti akka hafu beekamaa dha.
2. Of wareeguuf qophaawuu: Aarsaa (sacrification) malee bilisummaan akka hin jiree seenaa abbootii Gadaa irraa barrachuu ni dandaa'ama, fakk. Gadaan Michilee waraana Islaamootaa cimaa ta'ee, kan Amir Nuurn hoogganamaa ture (ca. bara 1555), mo'atee Harariin qabachuuf lubbuu

namoota kumaan lakkaa'amu osoo wareeguu baatee, bu'aan guddaan sun argamuu hin danda'amu ture jedhama. Hoogganoota siyaasaa Oromoo yeroo ammaa irraas kanumatu eegama. Biyya alaa jiraachaa (saba irraa fagaatanii) duula bilisumaa hooggana jechuun saba gowwoomsuu ykn kijibuu qofaa ta'a.

3. Gadaan aangoo (baalii) dafheetuu waliiti dabarsa. Dur jaarraan aangoo irra turan (office term) waggaa sadeeti qofaa yoo ta'uu, aangoo of harka tursiisuun akka fafaatti ilaalama turee. Warri hardha dhaaba Oromoo hooggana jedhanu, aangoo fudhachuu qofaa osoo hin tain dabarsanii kennuus beekuu isaan irra jira. Gumii kana to'achuu danda'us gurmeessuun murteessaadha.
4. Hojjaa tuutaa (team work) dalaguu irratti Gadaan naamusa (discipline) cimaa qaba ture. Hoogganaan ofii isaattii naamusa cabsuun beekamu tokkoo, saba gurmeesee, qabsoo bilisummaa gaggeessuu irratti, milkaa'uu akka hin dandeenye hardha ifaan waan mul'dhataa jiruu. Kanaafuu Oromoon kana fooyyeessuu qaba.
5. Gadaan namoota goota ta'aniin hoogganamaa ture. Keessatuu gootuummaa waraanaa (lola irratti) qabaachuu, dandheetii nagaa fi tasgabii biyyaa eegsisuu qabaachuutu irraa eegama. Dur mamtuuni fi kijibduun (vacillating and liar individuals) aangoo qabachuuf carraa hin qaban turanii. Mamtuun mooraa qabsoo ni dadhabsiiftii. Kanaafuu sabni Oromoo kana sirritti hubatee, hoogganoota qabsoo irratti kutannoo jabaa qaban (goota ta'an) damaqsee kaasuutuu irraa eegama.
6. Abbootiin Gadaa durii diina rukutuu irratti aadaa walii tumsuu qabu turanii. Gadaan saba umurii fi paartilee dhan ijaareetuu walii tumsaa, diina biyya irraa ittisaa ture. Kana jechaan, yeroo diini alaa itti dhufu, Gadaan duula barbaraa labsee, kallatti adda addattin wal gargaaraa diina waraanaa ture. Wal dura dhaabachuu dhan olola (propaganda) wal irratti oofuun mooraa qabsoo dadhabsiisuu akka ta'e Oromoon durii sirritti beeka turee. Oromoon dur, guyyaa gadadoo gurmaa'ee loluudhan injifannoo hedduu gonfachuu danda'ee jira. Sabni morkii irratti jabaatee, injifattee aangoo fudhachuu ni danda'a. Aangoo fudhachuu jechuun immoo mirgaa fi qabeenya ofii kabajeefachuu jechuudha. Kanaafuu sabni Oromoo mirga fi maqaa badee deebi'fachuu akka danda'u, jaarmiyaa jabaa tokkoo ijaarudhaan qindoommii (coordination) barbaachisaa ta'e gochuutuu irraa eegama.

EGAA DHALOONI HARDHAAS AKKA ABBOOTII KEENYA DURIITI TOKKOO
TA'EE, OF GURMEESSEE, GOCHAAF YOO KA'EE, INJIFACHUU AKKA
DANDA'U SHAKKIIN TOKKOO LEE HIN JIRU!
GADAAN MISOOMA, BADHAADHA FI QUUFA!

16. Haalcha (Golossary)

Aangoo	taayitaa (authority, power)
Abbaa Alangaa	hirrina seera irratti mullatuuf kan falmu (prosecutor)
Abbaa Biyyaa	nama baadiyyaa (countryman)
Abbaa Bokkuu	aangoo olaana sirna Gadaa (president)
Abbaa Duulaa	gaggeessaa waraana Gadaa (army commander)
Abbaa Gadaa fiixee	muummicha, (prime minister, head, elected leader)
Abbaa Gadaa	Hoogganaa bulchiinsa Gadaa jaaraa sanaa (elected gada leader)
Abbaa Muuda	gaggeessaa amantaa Oromoo, luba olaanaa
Abbaa Sa'aa	kan qabeenya to'atu (treasurer)
Abbaa Seeraa	seera Gadaa kan tumuu fi hiiku (chief judge)
Abboomuu	ajajuu (command, order)
Adaba	adabbii ykn naamusa (Penalty/punishment or discipline)
Aduula	warra fuulduratti aangoo fudhatu (candidate of gada Council)
Ajaa'ibsiisaa (ajaa'iba)	dinqisiisaa (wondrous)
Alaabaa	faajjii (flag)
Ammayyaa	kan ammaa (modern/up to date)
Angafumma	kan caalu (Seniority)
Araddaa-ya'aa	bakka Gumiin itti walgahu (meeting place)
Arboora	bantii, fiixee, kan aangoo ol'aanaa qabate (major, supreme, head)
Aradaa-jilaa	bakka gamtaa dhan itti waaqeffatan (place of holy festival)
Asxaa	mallattoo (emblem, badge)
Ateetee	Ayyaana sanyii fi hormaata qajeelchitu kan dubartootan ayyaanefatamu (divinity which makes woman fertile & healthy)
Ateetee naquu	ateetee baaffachuu (Celebrating Ateetee)
Atoomsa	magana, araara, fudhannoo (reconciliation)
Ayyaana taaboree	Ayyaana ijoolee (children's day)
Ayyaana	waana waaqaan ramadamee akka uummanni hundi safuu eegatee wal-danda'ee wajjin jiraatu kan to'atu (guardian spirit, holiday)
Ayyaantuu	qaalluu (a person in whom deity is being lieved to reside, lucky)
Baallii	mallattoo hoogganootnii Gadaa wal jijjiran (symbol of power which gada officials exchange)
Baatii	addeessa, ji'a (moon)
Bakakka	mandiisa (thunder, lighting)
Baraarsa	waan hamaa irraa eeguumsa argachuu (to be ensured)
Barbara	Duula gareen Gadaa hundaa irratti hirmaattuu (war carrying out by participation of all gada parties)
Bardhibbee	waggoota dhibba tokko (100 yearas, a century)
Barkume	waggoota kuma tokko (1000 yearas, a millemium)
basha'ee	boqootee, bashannanee (relaxed)

Beelladaa	horii manaa kan akka loonii (domestic animals)
Bikkuu	shallaguu (measure)
Bilisummaa	Walabuummaa (independence, freedom, liberty)
Birkii	damee (branch)
Bocuu	falaxuu, kutuu, muruu (cut in to a desired shape, split)
Bokkicha	namicha bokkuu qabate Gadaa hoogganu (the president)
Bokkuu	ulee ulfinaa, kan warri mootii qabatu (septre)
Boroo	mana duuba ykn ganama (backyard, morning)
Bu'uuraa	hundee (basic, foundation)
bulchiinsa	taliigaa (administration, management)
Buttaa	Abbootiin Gadaa warri yeroo aangoo isaanii fixani qalmaa fi dhagna qabachuudhan kan xumuuranu (ceremony of circumcise)
Buufattoo	nama sirna Gadamoorejii hulluuqee qumbii kenne (very old man)
Caaccuu	meeshaa hoodaa, ilillaan gogaatti dirmamee kan hojjatamu, yeroo waaqaffannaa dubartooni mormatti keewatan (necklace of beads)
Caam-Baatee	walgayii Abbootiin Gadaa duraa fi warri haaraa waliin godhanu (common meeting between the old and new elected gada officials)
Caasaa	sadarkalee gurmaa'ii fi waliitti hidhama isaa (structure)
Caffee	gumii, Yaa'ii, walgayii olaanaa uumataa (assembly, parliament)
Cifiree	jaartii Gadaa fixate, beektuu wa'ee seeraa fi aadaa sirriitti beektu (an experienced old lady)
Cinna Gadaa	waliigalaan hooggansa Caffee tokkoo irraa argachaa turan addaan cituu isaa (come off, break)
Cirattee	nama safuu cabsee hawaasni tufee (a person who suspended from social life)
Corgoggina	rincicaa (rigid, stubborn)
Daannisa	maqaa muka (a kind of tree)
Daaruu	waan uffatan dhabuu (lack of clothes)
Dachee	addunyaa, lafa (world, earth)
Daga (dangaa)	naannoo bulchiinsa biyyaa (territory)
dagaaguu	guddachuu (to thrive, to develop)
dalaguu	hojjachuu (work, do)
Damee	birkii (branch)
Dararama	gadadoo, gidiira (misery, tribulation)
Dardara	darggageessa (youth, for male)
Dhaaccii	seenaa keessatti warra durii akka fakkiitti yaadachuu (historic precedents as exemplary models)
Dhaadachuu	arreeduu (boasting, brag, Slogan)
Dhahaa	kaleendara, Guyyaa herreguu (calendar)
Dhangaa	nyaata guyyaa ayyaanaa (banquet, festival meal)
Dhibaayyuu	wareega dhugaattii (libation/Trankopfer)
Dhiphachuu	yaaddoo (worry, stress)
Diinomsuu	Seeran hawaasa keessaa baasuu, gatuu (to alienate/befremden)

Dinagdee	wa'ee qabeenyaa, Ikoonoomii (economy/Wirtschaft)
Dirqama	ittigaafatummaa (obligation)
Doorii	Kaadhima aangoo qabatu (a candidate who will take power)
Dorgommii	morkii, falma (competition)
Duudha	aadaa (custom or tradition)
Faaruu	weedduu (song)
Faayaa	Jifaara, waan nama miidhagsu (decoration, adornment)
Fafa	waan ilbiisa (useless, defective)
faguu	raaguu (foretell, predict)
Fala	hiikoo (solution, tactic, strategy)
Falasama	hubannoo ykn ilaalcha wa'ee addunyaa irratti qaban (philosophy)
Falmuu	walitti bu'insa, qoccolloo (dispute, nagging, argue)
Farra	diina, gadhee (enemy, bad)
Filmaata	filannoo (election, choice)
Fulchoo	gorra fayyidaa qabu (hint, tip)
Gaadee/gaadduu	basaasuu, simbirtuu (spy, plotter)
Gaammee	rifeensa guttiyyaa mataa ijooleeraa (tuft hair on child's head)
Gadaa	Sirna diimokrasawwaa bulchiinsi saba Oromoo ittiin murteeffamu (system of democratic oromo government)
Gadadoo	gidiraa, dhiphina, hiraara (agony, torment / Höllenqual)
Gadamoojji	jaarsa sadarkaa gadaa kurdhanuu seeran huluuqe (an old man)
Gadoomuu	Abbaa Gadaa ta'uu, taayitaa qabachuu (to take power or authority)
Galaa	dhalee, waan nyaataaf ta'u dhiyeessuu (provision/versorgen)
Galma mootummaa	masaraa (palace)
Galma	mana bal'dhaa ykn kaayyoo (hall or objective)
Gamtaa	tokkummaa (union, unity)
Garee	tuuta (team, faction)
Giifatoo	Akaakuu sirbaa kan yeroo Gadaa Ittimakoo irraa gara Foolleetti ce'amu sirbamu (a kind of song)
Giingoo	korboo (circular, round thing)
Godiyyaa	sirna ayyaana kennaa miseensota kuusaaf godhamu (gift given for the members of kusa grade)
Godoo	hoxxee (hut, hovel)
Gogeessa	kan walqabatee naanna'uu (cycling in group)
Golondii	galaa, dhangaa korma irratti fe'amee Abbaa Gadaa isa haaraa aangoo qabatuuf kennamu (provision)
Gonfachiisuu	yaalii guddaa booda waan tokko argachuu danda'uu (obtaining success after a great effort)
Goota	bajalbajaa (hero, brave, patriot)
Gormuu	bilchaachuu (mature, ripen/reifen)
Gosa	qomoo saba tokko keessatti argamu (clan)

Gubbisa	kennaa yeroo sadarkaa Dabballee irraa gara sadarkaa Ittimakootti ce'amu kennamu (a kind of gift)
Guchii	baalguda (Ostrich/Strauß)
Guddifachaa	lammii ofii ofitti fuudhanii kunuunsuu (foster child / Pflegekind)
Gumaa	sirna gareen lubbuu dabarsee fi warri lubbuun jalaa darbite kan ittiin araaramaniidhaa (blood money, ransom)
Gumaata	kennaa, tarfaasaa, dilaala (present, gift)
Gumii	Walgayii uummata maraa (Assembly, Congress)
gurmaa'ina	gamtaa'ina, walta'insa (be organized)
gurmeessuu	qopheessuu, qixeessuu (organize)
Guula	Yuuba, warra sadakalee gadaa si'aawaa darban (pensioned off)
Guuluu	gadaa abbaa ofii dhiisanii gadaa biraatti makamuu (being in alternate party/abwechseln)
Haaromsa	bifa haaraan deebi'uu, calqabii haaraa (renewal)
Halluu	bifa (colour, ink)
Hammachiissa	Sirna yeroo daa'immaniif maqaan ba'yee gara sadarkaa Ittimakootti ce'anuu sirneefamu (children's naming ceremony)
Haraamuu	nama fira dhiigaa kan akka obooleetii fi intala ofii waliin ciise safuu baleese (a person who breaks basic value)
Hariiroo	walitti dhufeenya (relationship, contact)
Harsadii	maqaa oromticha abbaa hora Bishootuutti argamuu dha (owner of lake in Bishooftuu)
Hawaasummaa	gamtaa dhan kan jiraatu (social, communal)
Haxaarii/Haxxee	riphanii eeguudhaan balaa geesisuu (ambush, vicious)
Hayyuu Aduulaa	warra koree sadarkaa Gadaa kuusaa ykn Raabaa keessaatti filataman (Councils elected by gada grades of kusa or raabaa)
Hayyuu	haqiila, beekaa (expert, intellectual)
Heera	sammuu Seeraa (constitution)
Heeyyama	eeyyama, atoomsa (permission)
Herreguu	shallaguu, tilmaamuu (calculate, compute, estimate)
Hiika	furmaata, fala/gara biraatti geeddaruu (solution or translation)
Himtee	oduu dur-durii (myth or legend / Märchen)
Hir'ina	hanqina (incompleteness, shortage)
Hirmaannaa	qooda fudhannaa (participation)
Hirpha	gargaarsa, deggersa (help, aid, assistance)
Hoboo fi Coora	kan wal falmuu akkasumas dabaree dhan kan wal jijjiiranu (quarrelling and alternate Groups)
Holqa	boongoo, qaalaa (cave, den, cavern)
Hongee	o'aa, bulluqa (dry weather, heat)
hooda	Ulfaataa, kabaja gudda kan qabu (respected, truth)

hoogganaa	ittgaafatamaa, duree (chief, leader)
hoomaa waraanaa	raayyaa waraanaa (army force)
Hororoo	ulee qaalluun yeroo jilaa qabatu (stick carried by oromo priestes during ritual ceremony)
Iccittii	dhoksaa (secret)
Idilee	waan seeraan dhaabatee jiru tokko (regular)
Ilkee	Heera, seeroota guguddoo sirn Gadaa qabu (major laws)
Imaammata	qajjeelfamaa ittiin adeemamu (policy)
Imala	daaw'annaa (tour, trip, voyage)
Immaanaa	yaboo, daayyoo, adaraa (entrust, safe keeping)
Irboora/Irbooree	faayaa ilkaan arbaa irraa tolfamu (ivory bracelet)
Irbuu	waadaa, kakuu / waliin makuu (promise / to stir)
Irreesaa	sirna kadhaa, galata galfachuu ykn kennuu (thanksgiving)
Ittigaafatamummaa	qooda hojjii ykn hinkoo (responsibility, accountability)
Ittisuu	of irraa eeguu, falmuu (defend)
Jaarmayaa	dhaabbata (institution, organization)
Jaarraa	waggootii saddeet, yeroo abbaan Gadaa tokkoo aangoo irra turu (eight years, term of office of a gada leader)
Jaldhaaba	nama nageenya Abbootii Gadaa eegu fi gorsu (assistant & adviser of gada leaders)
Jifaara	faayaa, waan nama miidhagsu (decoration, adornment)
Jila	Uummata bakka qulqulluu (waaqeffannaa) dhaqu ykn jiru (ritual ceremony or pilgrim)
Kaayyoo	galii, akeeka (aim, goal, objective)
Kallacha	Addoo, meesha hoodaa, ulfaa (phallic-like symbol worn on the forehead, forefront, guard)
Kallatti	qixa, qajeelfama (direction)
Kofoo	kiisii surree (trousers's pocket)
Kooluu	Harka kennachuu, gargaarsa barbaaduu (asylum)
Kora	walgayii (meeting)
Korojoo	subbaa, borsa, shaanxaa (suit case, bag)
Koree	kora (committee)
Kuldhaa baasuu	haraamuu qulquleesuu, haluu baasuu (Cleaning from sin or bad deed)
kudhaama	waan ittiin miidhagamu (amulet, talisman, charm)
laayyoo	waan salpa, waan nama hin rakkisne (simple, light)
Laduu	kallacha warra Qaalluu (phallic-like symbol worn by oromo priest)
Laguu	dhowwamaa (prohibited)
Lammii	biyyooma (citizen)
Lichoo	ulee qal'dhoo (a thin special stick or cane)
Luuccaa	Lalaafaa (smooth)
Maabura	nama dhangaa Abbaa Gadaa qopheessu (a person who cooks for the gada leader)
Madaala/madaaluu	bikkuu, safaruu, miizana (scale, balance, measure / abwägen)
Madda	burqa, iddoo duraa (origin, source)

Madda-Walaabu	iddoo seeri gadaa bara 1450 itti haareeffame (historical place)
Magalada	xurumbaa sagalee addaa qabu kan yeroo Raabaa Doorii baalii fudhatu afuufamu (special type of trumpet)
Makkala	nama Abbootii Gadaa gorsuu fi gargaaru (adviser of gadaa leaders)
Malaammaltummaa	xiinxanii (Corruption)
Mallattoo	waanti tokko kan waan biraa bakka bu’u (symbol, signature)
Marsaa	maroo, kan naannaa’uu (cycling)
Maxxaarri	jifaara abbaan gadaa fiixee ittin miidhagu (decoration or medal of gada leader / Ehrenzeichen)
Meedhacha	mallaattoo gammachuu fi kabajaa, kan gogaa korma qalameerra bay’ee harka irratti hidhatamu (symbol of happiness & victory)
Meeshaa	qodaa, mi’a (good, tool)
Mijeessuu	sirreessuu, qopheessuu (arrange, set in order)
Minjaala	meeshaa manaa miila afur qabaatee gubaan issaa diriiraa ta’ee (table)
Mirga	haqa ykn kallattii (right, honour, justice or direction)
Misha	gaari, dansaa (good, nice, fine)
Misooma	guddina, qaroomi’na (development)
Misoomsuu	guddisuu, ijaaruu, qaroomsuu (to develop)
Moggaasuu	maqaa baasuu (naming)
Mokkee	sirba yeroo sadarkaa Foollee irraa gara sadarkaa Kuusaatti cee’amu sirbamu (a kind of song)
Mootummaa	kan taayitaa ykn aangoo qabate (Government)
Morkataa	kaadhimamma, ruuga (candidate)
Morkii	dorgommii (competition)
mormiituu	warra balaaleeffatu (one who objects, opposes)
Muuduu	eebbisanii aangoo kennuu (blessing and giving power)
Muummicha	kan dura, guddicha (head, major, supreme)
Muuxxannoo	waan tokko hojjachuuf dandeettii qabaachuu (experience)
Nyaaphaa	diina (enemy)
Odaa	Wiirtuu siyaasaa fi amantii oromoo, muka guddaa bifa harbuu qabu (a kind of tree that resembles a fig)
Ol’aantummaa	caalma, wayaba (superiority)
olola	waan dhugaa irratti hin hundoofne tokko facaasuu (propaganda)
Oomisha	horata, callaa (production, yield)
Oyira	Maasii qonnaa (tilled land, farm land)
Paartii	waldaa siyaasaa, garee (party, team)
Qaalluu	Ayyaantuu (a person in whom deity is being believed to reside)
qabsaa’uu	wal’aansoo qabuu, qabsoo gochuu (to struggle)
Qabeenya	addunyaa, leecalloo (wealth, property)
Qabxii	tuqa (point, dot)
Qachaa	Bakka buufata Abbootii Gadaa, Araddaa-ya’a (hall, station)

Qadaadduu	wal-tumsuu, walii galuu (allied, helping each other with in a fight or quarrel)
Qajeelfama	dambii kan waan tokkoo ittiin gegeessan (principle)
Qalma	aarsaa, wareegama, qiixoo, gorra'uu, (sacrifice, slaughter)
Qaroo	beekaa, abshaala, gamna (wise, well trained, shrewd)
Qarooma	ammayyummaa, qaroomina (civilization)
Qeequu	ceepha'uu (criticize)
Qindeessuu	gurmeessuu, qixeessuu, gamteessuu (organize, unite)
Qoloo	uufata dubartii (dress)
Qondaala	hoogganaa (officer)
Qooda	ittigaafatummaa, ga'ee namni tokko fudhatu (responsibility, share, portion)
Qorannoo	qu'annoo (research, investigation, evaluation)
Qormaata	(examination, testing)
Qumbii	urgooftuu muka irraa oomiishamu (resin, myrrh-like incense)
Qunnamtii	hariiroo, walitti dhufeenya (relation, communication)
Raabaa	Sadarkaa Gadaa kaadhimamaa, kan aangoo bara sadeettan dhufan keessa fudhatu (candidate of gada grade)
Raagaa	raajii ykn hooda kan himu (prophet, who foretells miracle)
Raajeeffachuu	jajuu, dinqisiifachuu (admire, surprise)
Raayyaa	Loltuu, hooma waraanaa / maqaa gosa (army force / name of an oromo clan)
Ragaa	waan qabatamaa ykn amansiisaa ta'e, laallee (evidence, proof)
Roggee	gaammee (hair shaved on two sides of the head and remained in the middle)
Roorroo	cunqursaa, hacuuccaa, gad-qabaa (harassment, oppression)
Saalfii	qaanii, salphina, yeelloo (shame, humiliation, embarrassment)
Saamtuu	gaadduu (robber, plunderer)
Saaxilbaasuu	da'oo dhabsiisuu, ifa akka ta'u gochuu (expose, disclose)
Sadarkaa	gulantaa (grade, level, step, stage)
Safeeffachuu	ulfina qabaachuu, danboobuu, kasoo (polite, respect, be humble)
Safuu	sona bu'uuraa, jecha raajii waaqni hojjatu tokkoo oromoon ittiin ibsu (traditional taboo, basic value, expression of wonder of god)
Sami	waaqa (sky)
sattawwaa	bineensa bosonaa morma dheertuu (giraffe)
Seelkeessanii	suuta suutan (step by step, staggered / Schrittweise)
Seera Asaasaa	seera waanti gumaa ykn rakkoon maatii ittiin murtaa'amu (law to settle killing cases or family problems)
Seera Basaqqeessaa	seera tumamee labsamee ittiin bulamaa jiru (man made & proclaimed laws)
seera dhangalaasuu	seera caffeetti tumame biyya irra deemudhaan sabaaf labsamu (announcing the new laws to the people)

Seera Gooroo	seeroota wa'ee adeemsa Abbootiin Gadaa gara araddaa-ya'aa ibsanu (laws which explain about the tour of gada leaders)
Seera ilkee	seeroota gurguddoo sirni gadaa qabu, kan akka seera waaqaa (principal laws of gada system)
Seer-mura	murtii kennuu (passing judgment, decision)
Shanachaa	Koree Abbooti Gadaa kan miseensota shan qabu (council of five gada men)
Shoora	hinkoo, qooda (role)
Siiqqee	Ulee mallattoo seeran heerumuu ykn mirga dubartii mirkaneesiitu (symbol of marriage and right of women)
Sirba xunnee	weedduu waari umurii kuusaa keessa jiruun weeddisanu (a kind of song)
Sirna qumbii	sirna yeroo gara sadarkaa Gadaamoojiitti ce'amu ayyaaneffamu (a day to say "goodbye" to an old man)
Soddom-Buuranii	Callee kabajaa, kan Abbaan Gadaa mormatti hidhatu (perlen, necklace made of bead)
Taayitaa	aangoo (authority, power)
tapha Gabbisayyoo	weedduu yero buttaa qalan sirbamu (a kind of song)
Tapha gibbo	tapha korboo gobuun ykn waraanuun xabatamu (a kind of game played by pricking a circular thing)
Tajaajila	gargaarsa hojjaan kennamu (service)
Tarsiimoo	akkataa waanti tokko itti qajeelfamuu (strategy)
Tartiiba	wal duraa duubaan dhufuu (sequence/order)
Tasgabii	nageenya (security, silence)
Tibba	mosina (season, period, time)
Tilmaammuu	shallaguu, xiinxaluu (estimate, evaluate, rating)
Tokkummaa	gamtaa, gurmoo (unity, cooperation)
Torban baallii	namoota yeroo Raabni baallii fudhatu wajjin deeman (a team on the way to take over political power)
Tumuu	baasuu, qopheesuu (seeraaf) / reebuu (making law / to beat)
Ukkee / Unkee	Sirna yeroo sadarkaa Ittimakoo irraa gara Foolleetti ce'amu ayyaaneffamu, ijoolummaa keessa ba'huu (Initiation ceremony)
Ulaaga	murtii kennuuf waantaa ilaalaman (criterion)
Ulfaa	waan kabajamaa, kan akka Kallaachaa fi Caaccuu (respected)
ulma galu	yeroo muraasaaf bakka namni biraa hin geenyeetti jiraachuu (men in brotherhood or women in childbed)
Urjjii	qaama samii irraa bakka adda addaattii ifu (star)
Uumaa	kan waan hundaa uume, ol'aannaa (creator)
Uumama	kan uumaa dhaan tolfame (nature, living being, creature)
Wajjira	biiroo (office)
Waaqeffataa	kan waaqati amanu (believer in one god)
Wabii	eeruu (reference, guarantor)
Wagii	eebba, hawwii waan gaarii (blessing, good wishes)
Wal fudhachiisuu	tokkomsuu, walitti makuu (integrating)

wal tumsuu	wal gargaaruu ykn humna diinaa gargaaruu (collaborating)
Walaannaa	kan walii hin galee, kan wal-morku fakk. gadaa waliitii aannu (not allied, opposition)
Walabummaa	Mirga guutuu, bilisummaa biyyaa (independence, freedom, liberty)
Waliigaltee	bu'aa tokkoo argachuuf wal gargaaruu (Alliance)
Wal-simsiisuu	wal-fudhachiisuu, tokkoomsuu, waliiti makuu (integrating)
Wareegamuu	aarsaa, qiixoo ta'uu (sacrifice)
Xiiqqii	haaloo, gadoo, hijaa, jibba (grudge, a spite)
Xiinxaaluu	shallaguu (careful evaluation or analysis)
Xiyyeeffannoo	fuuleeffannaa, galii, kaayyoo, akeeka (aim at, focus)
Xumura	guduunfa, goolaba (conclusion, summary, end)
Yaa'ii	gumii, walgayii uummataa (conference, assembly)
Yabbuu	furdaa (thick, thickly grown)
Yakka	waan hamaa seeraa alaa ta'e (crime)
Yuuba	sirna Gadaa keessatti warra sadarkaa 6ffaa huluuqan, Guula (pensioned off)
Yuuyyessuu	hawaasa keessa danda'ee akka hin jiraane gochuu (suspending somebody from the social life)

17. Wabii (reference)

1. Asefa Jalata, Oromummaa the master ideology of the Oromo National Movement, Knoxville the U.S.A. 2009
2. Asmarom Legesse, Oromo Democracy an indigenous Africal political system, Washington, 2000
3. Ayalew Kanno, An Ancient People, Great African Nation, Finfinnee, 2008
4. Barruulee Waaqeffanna, Jiid IV lakk. 1, Finfinnee, 2003
5. Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa, Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa, Finfinnee, 1998
6. Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa, Sirna Gadaa Siyaasaa Oromoo Tullama, Finfinnee, 2007
7. Dirribii Dammisie, Ilaalcha Oromoo Barroo Aadaa, Seenaa, fi Amantaa Oromoo, Finfinnee, 2009
8. Dirribii Dammisie Bokkuu, Oromo Wisdom in Black civilization, Finfinnee, 2011
9. Gumii Waaqeffannaa Oromoo, Yaayyaa, Amantii fi Eenyumaa, Norway, bara 6411 ALO
10. Hinsene Mekuria, Elellee, Inglizii-Oromoo-Amaaraa, Finfinnee, 2010
11. Hinsene Mekuria, Gamee Jechoota Afaan Oromoo-Amaaraa-Inglizii, Finfinnee, 1998/2006
12. Ibsa Guutama, Prison of con science, New York, 2003
13. Mahaammad Hasen, The Oromo of Ethiopia, A history 1570-1860 trento, 1994
14. Mario I. Aguilar, Being Oromo Kenya, African World Press, Inc. Asmara, 1998
15. Merera Gudina, Ethiopia: From Autocracyto Revolutionary Democracy, 1960s-2011, Finfinne
16. Merera Gudina, Ethiopia, Competing ethnic nationalisms and the quest for democracy, 1960-2000
17. Tasammaa Taa'aa, Seenaa Hundee Ummata Oromoo, Finfinnee, 2008
18. W. Yohannis Warqnaa, G. Malka, Yetedebegew ye gif Taarik, Comm. printing, Finfinne, 1993
19. Waldaa Waaqeffannaa Oromoo, Waaqeffannaa Raayyaa Horoo, Finfinnee, bara 6500 ALO/2008
20. Warqinaa Abbaa Soorii, Sirna Gadaa Saba Oromoo, Finfinnee, 2010
21. WWW. Gadaa.com